# HAQAAF

BARRUU MMWO WAGGAATTI AL-TOKKO MAXXANFAMU
JILDII 9FFAA WAXABAJJII 2014, FINFINNEE

## Ergama:

Ergamni Waliigalaa Manneen Murtii Oromiyaa tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa, si'ataa fi bu'a qabeessa ta'e seera qofa irratti hundaa'uudhaan haala loogii fi gartummaan ala ta'een hojii isaanii bilisummaa guutuu fi itti gaafatamummaa ol'aanaadhaan ni hojjatu.


## Mul'ata:

Bara 2022tti Mana Murtii Seera hiikuun haqaa fi Ol'aantummaa seeraa mirkaneessee amantaa uummataa horachuun biyyaa keenya keessatti fakkeenya ta'ee arguu;

## Duudhaalee:

- Bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaa /judicial independence and accountability/
- Beekumsaa fi Gahumsa /knowledge and competence/
- Miira tajaajiltummaa /sense of stewardship/
- Iftoomina /transparency/
- Fayyalummaa /Propriety/
- Al-loogummaa fi wal-qixxummaa /Impartiality and equality/
- Tilmaamamummaa /predictability/
- Ejjennoo Gaarii /integirity/

# QOPHEESSITOOTA



FAYYEERAA HAYILUU




ONESMOOS AMBARAAS




CAALAA GUUTUU

# GULAALTOTA



GONFAA ATOOMAA



MUL'ISAA EJJETAA




DIRRIBAA FAYYEERAA



RATTAA BAQQALAA

SUURAA

TAAYYEE ISHEETUU



GRAPHIC DESIGN

ONESMOOS AMBARAAS

# Baafata


1 ERGAA PIREZIDAANTII MANA MURTII WALIIGALAA OROMIYAA

3 ERGAA DAAYIREEKTARA DAAYIREKTOREETII KOMUNIKEESHINII MMWO

5 TAATEEWWAN GURGUDDOO MANNEEN MURTII OROMIYAA BARA 2014

13 KEESSUMMAA KEENYA

18 XIINXALA HAYYOOTAA

29 OF ILAALLEE

# ERGAA PIREZIDAANTII MANA MURTII WALIIGALAA OROMIYAA



## Kab. Obbo Gazaalii A/simal

Manneen Murtii Oromiyaa hundeeffama isaanii irraa eegalee rakkoolee fi hanqinaalee kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irratti hudhaa guddaa uumaa turan furuuf rifoormiiwwan adda addaa gaggeessaa turaniiru. Waggoottan arfan darbanii as immoo haala adda ta'een rakkoolee manneen murtii sadarkaa hundatti mul'atan bu'uura irraa furuuf rifoormiin hunda-galeessaa fi hunde-qabeessa ta'e gaggeeffamaa turee jira. Kana keessattis hojiiwwan gurguddoon fakkeenyummaa qaban gama bulchiinsaa fi kenniinsa tajaajilaatiin hojjatamaa turaniiru. Dhaqqabamummaa fi si'aayinni tajaajila abbaa seerummaa fooyya'eera, itti fayyadamni teekinoolojii qunnamtii odeeffannoo guddateera, mijaa'inni naannoo hojii fooyya'eera, hojiin hojjatamu kamuu bu'aa buusuun safaramuu eegaleera, sirni komunikeeshinii fooyya'eera.

Keessattuu rakkoo bakka hojii mijataa dhabuu yeroo dheeraaf Manneen Murtii naannoo keenyaa ture sadarkaa hundatti furuuf tarkaanfii fudhatameen Manneen Murtii hedduun gamoo ijaarratanii itti hojjechuu eegalanii jiru. Gamoon abbaa darbii 2B+G+13 waajjiira muummee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaaf naannoo Caffee Araaraatti ijaaramaa jirus qaamuma hojii kanaati. Bakka hojii mijataa uumame kana keessatti kenniinsa tajaajila

abbaa seerummaa gama hundaan bu'a qabeessaa fi ammayyaa'aa taasisuuf hojiin tekinoolojii qunnamtii odeeffannoo babal'isuu fi diriirsuu guddaan hojjetamee jira. Tekinooloojii kana Manneen Murtii keessatti diriirsuun kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa fi si'ataa taasisuun cinatti abbaan dhimmaa dadhabbii fi baasii xiqqaadhan dhiyeenya irratti tajaajila barbaadu akka argatu gargaara. Kanuma xiyyeeffannoo keessa haala galcheen hojiin rifoormii tekinooloojii babal'isuu gaariin hojjetamee jira. Manneen Murtii sadarkaan jiran tekinooloojii qunnamtii odeeffannoon walitti hidhuu fi gara fuula duraatti dijiitaalawaa fi waraqaa maleeyyii taasisuuf xiyyeeffannoon itti kennamee hojjetamaa turee jira. Hojiiwwan qixa kanaan hojjatamaa turan Manneen Murtii Oromiyaa akka biyyaatti madda muuxannoo gaarii akka ta'an taasisanii jiru. Kanumarraa ka'ees Manneen Murtii Federaalaa fi kan Naannoolee biroo muuxannoo qooddachuuf gara Mana Murtii Naannoo keenyaa dhufaa turaniiru.

Gama biraatiin dandeettii raawwachiisuu qabeenya namaa guddisuun wal qabatee barumsii fi leenjiin bifa saganteeffamee fi sirnaawaa ta'een kennamaa jira. Carraa barumsaa uumuun wal qabatees atoomina Imbaasii Neezarlandii tiin Abbootiin Seeraa fi Muudamtootni 150 ol ta'an barumsa digrii 2ffaa (LL.M) barachaa kan jiran yoo ta'u kana keessaa walakkaan dhuma bara kanaa barumsa isaanii ni xumuru jedhamee eegama. Kanaan gamatti Abbootii Seeraa fi hojjattoota Manneen Murtii Oromiyaa carraaqqii isaanitiin carraa argatan akka baratan hayyamameefii digirii jalqabaa hanga digirii 3ffaatti barnoota isaanii hordofaa jiru. Bifuma wal fakkaatuun leenjiin dandeettii raawwii cimsuu hojjettoota bulchiinsaa fi Abbootii Seeraaf mata duree kallattii hojiin wal fakkaatu irratti qopheessuun marsaa garaa garaan kennamaa turee jira.

Hojii guddaan biraa bara kana keessa hojjatamaa ture hawaasni keenya dhimma isaa karaa seera aadaatiin akka xumuramu deeggaruuf Manneen Murtii Aadaa akka hundeeffaman taasisuudha. Haaluma kanaan Labsiin Manneen Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuu fi Beekamtii Kennuuf Bahe lakk. 240/2013 Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin erga ragga'ee booda Dambiin lakk. 10/2014 karaa Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaatiin akka irratti bahu taasifamee jira. Kanuma hordofees, Manneen Murtii Aadaa gandoota baadiyyaa fi magaalota Oromiyaa keessatti hundaa'anii hojii eegalanii jiru, dhimmootni heddumina qabanis dhiyaatanii keessummeeffamaa jiru. Hojiin kun uummatni keenya tajaajila haqaa dhiheenya isaatti akka argatu, haqa dhokatee ture baasuun uummatni akka walitti fayyu taasisuu, deddeebii malee seera aadaa ofii beekuu fi adeemsa walxaxaa hin taaneen guyyaa gabaabaa keessatti dhimma isaa akka xumuratu taasisuun gamatti uummatichi gara aadaa fi eenyummaa isaa ganamaatti akka deebi'u gochuu fi dhimmoota Manneen Murtii keenyarraa xiqqeessuu keessatti shoora ol'aanaa taphata jedhamee eegama.

Walumaagalatti, bara kana keessatti kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa hawaasni nurraa eegu kennuun amantaa uummataa horachuuf hojiin hojjetaman kan nama jajjabeessaniidha. Kana mikeessuu keessatti qooda keessan kan bahattan Abbootiin Seeraa, hoggantootni fi hojjettootni Manneen Murtii Oromiyaa hundi galatoomaa jechuun barbaada.

Horaa Bulaa Deebanaa

Gazaalii Abbaasimal, Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa

# ERGAA DAAYIREKTERA DAAYIREKTOREETII DHIMMOOTA KOMUNIKEESHINII MMWO



**Obbo Gonfaa Atoomaa**

Addunyaa ammayyaa amma keessa jirru (yeroo giloobaalayizeeshinii) keessatti Komunikeeshiniin jaarmiyaa tokkoof ijaa fi gurra jedhamee fudhatama. Gama tokkoon hojiiwwan dhaabbati tokko hojjatu maamiltootaa fi uummata bal'aatti beeksisuun, gama biraatiin yaada tajaajilamaa fi uummanni dhaabbata irratti qabu sassaabuu fi xinxaaluun jaarmayichi akka beeku taasisuu keessatti shoora ol'aanaa qaba. Jecha biraatiin, komunikeeshiniin dhaabbata tokkoof riqicha odeeffannoo qofa osoo hin taane daawwitii dhaabbatichi keessatti of ilaaluun hanqina qabu sirreeffachaa akka deemu itti gargaaramuu dha. Komunikeeshinii Manneen Murtii Oromiyaas yaadama guddaa kana haala giddugaleessa godhateen ijaaruuf hojiiwwan waggoottan sadan darban hojjatamaa turan bara kanas ciminaan itti deemaa turree jirra.

Hojiiwwan gurguddoo bara kana hojjachaa turre keessaa tokko dokumentarii rifoormii Manneen Murtii Oromiyaa beeksisuu irratti fuulleffate qopheessuu fi qilleensarra oolchuu ture. Haaluma kanaan dokumentariin sadarkaa isaa eeggatee fi seenaa Manneen Murtii Oromiyaa keessatti isa jalqabaa ta'e wal ta'iinsa OBN'n hojjatamee xumuramaa kan jiru yoo ta'u walakkeessa baatii Adoolessaa kana qilleensarra kan oolu ta'a. Dokumentariin kun dheerina daqiiqaa 40 kan qabu yoo ta'u Manneen Murtii Oromiyaa eessaa ka'anii bakka amma irra jiran akka gahan, rifoormii amma gaggeessaa jiranii fi galma guddaa fuulduratti bira gahuuf karoorfatanii hojjachaa jiran kan agarsiisuudha.

Hojii guddaan biraa qixaa komunikeeshiniitiin bara darbee eegalamee bara kanas cimee itti fufee dandeettii fi ogummaa ogeessota Daayireektoreetii Komunikeeshinii cimsuu ture. Qixa kanaan ogeessonni Daayirektoreetichaa ogummaawwan giraafiksii fi ediitingii suuraa akkasumas ediitingii viidiyoo dhaabbilee gurguddaa biratti akka fudhatanii fi ogummaa guddaa akka gonfatan taasifameera. Barruu kana dabalatee maxxansaaleen bara kana maxxanfamuun karaalee adda addaa dubbistoota qaqaqqaban hundi akkasumas viidiyoowwan fuula feesibuukii, chaanala telegiraamii fi yuutuubii keenya irratti maxxanfamaa turan hundi ogeessota kanaan kan hojjataman ta'uun kanaaf ragaadha. Kun immoo baasii guddaa Mana Murtichaa irraa hambisuun gamatti hojii barbaadnu yeroo kamittuu akka hojjannu nu dandeessisee jira.

Miidiyaalee haaraa (new medias) gama fayyadamuutinis hojiiwwan bu'a qabeessa ta'an hojjatamaa turaniiru. Fuulli feesibuukii fi chaanaliin Telegiraamii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa odeeffannoowwan dhugaa fi qabatamoo ta'an dabarsuun fudhatamuummaa ol'aanaa akka argatan taasifamee jira. Gama maxxansaatiinis jildii murtiilee barsiisoo tokko, bu'aa qorannoo tokko, barruu kana dabalatee barruulee odeeffannoo sochii waggaa Manneen Murtii Oromiyaa dabarsan lama dabalatee hojiiwwan bal'ina qaban hojjatamaa turaniiru. Rakkoon harkifannaa hojii Mana Maxxansaa Meelbaatti mudate gufuu guddaa waan tureef hojiilee maxxanfamanii dubbistoota qaqqabuu qaban yeroon qaqqabsiisuun hin danda'amne. Filannoo biraa (softcopy'n hojjachuun raabsuu) fayyadamuun bu'aalee maxxansaa kanneen karaa Chaanala Telegiraamii keenyaatiin dubbistoota biraan gahuu dandeenyee jirra. Miidiyaalee idilee fayyadamuu gama ilaaluunis Raadiyoo Faanaa waliin itti fufiinsaan akkasumas miidiyaalee akka OBN fi kanneen biroo wajjin bifa al-idileetiin hojiiwwan Manneen Murtii Oromiyaa beeksisan hedduu bara itti hojjatamaa turanii dha.

Walumaagalatti, Daayireektoreetiin Dhimmoota Komunikeeshinii MMWO hojiilee mana murtichaa keessatii hojjetaman karaa danda'ame hundaan odeeffannoo waqtaawaa fi barbaachisoo ta'an chaanaalota adda addaa fayyadamuun hawaasa biraan gahaa kan ture yoo ta'u sirna komunikeeshinii keenyaa cimsuuf yaadaa fi odeeffannoo barruu kana keessatti dhiyaatan dubbisuun yaada keessan akka nuuf qooddan jechuun barbaada.

Galatoomaa!
Gonfaa Atoomaa, Daayireektera Daayireektoreetii Dhimmoota Komunikeeshinii MMWO

## Leenjiiwwan Dandeettii Raawwachiisummaa Cimsan Itti Fufiinsaan Kennamaa Turaniiru







Leenjiin dandeettii raawwachiisummaa cimsuu irratti xiyyeeffate Abbootii Seeraa, hoggantootaa fi hojjettoota deeggarsaaf yeroo adda addaatti kennamaa tureera. Leenjiin dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffate kun hanqina hubannoo Abbootii Seeraa, hoggantootaa fi hojjettoota deeggarsaa Manneen Murtii Oromiyaa sadarkaan jiran furuun dandeettii raawwachiisummaa isaanii akka dabalu xiyyeeffannoo keessa galchuun kennamaa tureera.

Leenjiin kun walta'iinsa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa, UNDP fi ILQSO'n kennamaa kan ture yoo ta'u mata duree Hoggansa, Bulchiinsa Gaarii, JBAH fi Seerota Walfalmisiisoo ta'an kanneen ijoo turan.

# Korri Waloo MMWO fi Dhaabbilee Barnootaa Ol'aanoo Gaggeeffame








Tajaajila hawaasaa (community service) Yuunivarsitootni Naannoo Oromiyaa keessa jiran hawaasa naannoof kennan kan kallattii seeraatiin jiru babal'isuu irratti fuulleffate korri jabaan walta'iinsa MMWO fi ILQSO tiin qophaa'e Amajjii 27 bara 2014 Magaalaa Bishooftuutti taa'ame.

Korichi dhimmoota jajjaboo lama irratti mari'achuun kallattii fuulduraa kaa'uu irratti kan xiyyeeffate ture. Inni jalqabaa raawwii waliigaltee wal hubannoo fi waliin hojjachuu MMWO fi Dhaabbilee Barnootaa Ol'aanoo Oromiyaa keessa jiran gidduutti bara 2011 keessa mallatteeffame (waliigaltichi tajaajila deeggarsa seeraa babal'isuu fi bu'a qabeessa taasisuu, carraa barnootaa hawaasa manneen murtiif mijeessuu, qorannoo gaggeessuun wal tumsuu, fi kkf irratti kan xiyyeeffate ture) qorachuun rakkoolee jiran adda baasuu fi kallattii fuulduraa kaa'uu dha. Kan lammaffaa Manneen Murtii Aadaa akkaataa labsii lakk. 240/2013 fi Dambii Lakk. 10/2014 tiin hundaa'aa jiran cimsuu fi lafa qabsiisuu keessatti Yuunivarsiitootni deeggarsa isaan irraa barbaadamu akka kennan dandeessisuuf korri waloo kun akka qophaa'e ibsamee jira.

# Jilli MMF fi Kan Naannoo Sidaamaa MMWO Daawwatan








Rijistiraaronni (akka Manneen Murtii Oromiyaatti Ofiisaroota Seeraa) Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa daawwatan. Kanaanis, rifoormiiwwan kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa qixa baniinsaa fi bulchiinsa galmee akkasumas keessummeessa abbaa dhimmaan wal qabatu daawwachuun muuxannoo gaarii jiru qooddataniiru.

Saganticha irratti Qindeessaan Deeggarsa Hojii Dhaddachaa MMWO, Obbo Joonii Bantii keessummoota kutaalee hojii Deeskii Odeeffannoo irraa kaasee hanga kutaalee Ofiisara Seeraa jiran keessatti hojiiwwan hojjatamaa jiranii fi teekinoolojiiwwan kenna tajaajilaa deeggaruuf hojiirra oolaa jiran daawwachiisaniiru. Kana malees, barreeffama gabaabaa rifoormii Manneen Murtii Oromiyaa qixa kanaan gaggeeffamaa jiru agarsiisuuf

hirmaattotaaf dhiyeessaniiru.

Daawwannicha irratti kan hirmaatan rijistiraaronni Mana Murtii Sadarkaa Jalqabaa Federaalaa rifoormii kenna tajaajilaa MMWO keessatti argan irraa muuxannoo gaarii kan argatan ta'uu kaasaniiru.

Bifuma wal fakkaatuun jilli hooggansaa fi Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Naannoo Sidaamaa Pirezidaantii Mana Murtichaa, Kab. Obbo Damisee Dullachaatiin durfamu daawwannaa hojii Manneen Murtii Oromiyaatti taasisee jira. Daawwannaa kanaanis hojii kutaalee Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaattti gaggeeffamaa jiru daawwataniiru. Jilli kun daawwannaa kanaan muuxannoo gaarii Mana Murtichaa jiru qooddachuu isaanii ibsaniiru.

Daawwannaa kana irratti waltajjii marii gaggeeffameen barreeffamni rifoormii Manneen Murtii Oromiyaa kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa irratti fuulleeffate dhiyaatee mariin irratti gaggeeffamee jira.



# Ijaarsi Gamoo Waajjira Muummee MMWO Haala Gaariin Deemaa Jira







Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa gamoo ammayyaa'aa waajjira muummee isaa ta'e abbaa darbii 2B+G+13 akkaataa yaadama Sirna Gadaa, aadaa fi duudhaa Oromoo giddugaleessa godhateen Magaalaa guddoo Naannoo Oromiyaa Magaalaa Finfinnee naannoo Caffee Araaraatti ijaarsisaa jiru sadarkaa gaarii irra jiraachuun ibsamee jira. Ijaarsi gamoo kanaa bakka eenyummaa saba keenyaa ibsu Caffee Araaraatti baajeta mootummaan Naannoo Oromiyaa ramade qarshii biliyeena 1.8 ta'uun hojiin ijaarsaa isaa gaggeeffamaa akka jirus ibsamee jira.

Ijaarsi gamoo kanaa bara darbe Mudde 11/2013 bakka keessummoonni Federaalaa fi Naannoo Oromiyaa argamanitti kan eegalame yemmuu ta'u gamoon ijaaramus bakka haqni itti argamu akka ta'uu fi Mootummaan Naannoo Oromiyaa xiyyeeffannoo guddaa itti kennee akka raawwachiisus kallattiin kaa'amee jira.

Gamoon ammaayaa'aa qulqullina isaanis ta'e qabiyyee isaan sadarkaa idil addunyaan wal sima jedhame kun qulqullina barbaadamuun akka

raawwatamuufis xiyyeeffannaan itti kennamee caalbaasii idil addunyaa ba'een kontiraakterri 'Chaina Rail Way Seventh Group' jedhamu fudhatee ijaaraa jira. Gorsaan ijaarsa gamoo kanaa Korpooreeshinii Injineriingii Oromiyaas hojii to'annoo fi bulchiinsa kontiraakteraa irratti hojii isaa ba'achaa akka jirus ibsamee jira.

Sadarkaa ijaarsa gamoo kanaa akkaataa waligaltee jiruun hojiin isaa raawwachaa jirachuu isaa jalqabbii isaa irraa eegalee sagantaan daawannaa yeroo garaa garaatti Pirezidaantii Bulchiinsa MNO, Kab. Obbo Shimallis Abdiisaa, Pirezidaantii MMWO, Kab. Obbo Gazaalii A/Simal, Afyaa'ii Caffee Oromiyaa, Kab. Aaddee Sa'aadaa Abdurhamaan dabalatee hooggantootni qaamolee mootummaa adda addaa, Koree Dhaabbii Dhimma Bulchiinsaa, Seeraa fi Qabeenya Namaa Caffee Oromiyaa, Manajimentii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa fi Abbootiin Seeraa Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaan gaggeeffamaa turee jira. Daawannaa gaggeeffamaa tureenis ijaarsi gamichaa bifa milkaa'aa ta'een deemaa jiraachuu fi yeroo qabameef waggaa 2 keessatti akka xumuramuufis deeggarsi barbaachisu akka taasifamuu qabus ibsamee jira.

Ijaarsichi sadarkaa isaa eeggatee akka gaggeefamuufis ijaarsi gamoo kanaa dizayiniin duraan ture akka fooyya'u kan taasifamee fi kanaanis walqabatee baajetni ijaarsa kanaaf qabame dabaluu akka danda'u Manaajerri ijaarsa gamoo kanaa Injiiner Naahom Dabaloo ibsanii jiru. Fooyya'iinsi dizaaayinii kunis galma manni murtichaa manneen murtii gara waraqaa-maleessaatti ceesisuuf qabatee hojjechaa jiru xiyyeeffannoo keessa galchuun tekinooloojii sadarkaa ol'anaan keessatti diriirfamee ijaarsa gaggeeffamaa jiru ta'uus himanii jiru.

Yeroo ammaa kanattis hanga Waxabajii 30/2014tti ijaarsi isaa persantaa 35.5 irra akka ga'ee jiru Manaajerri ijaarsichaa Injiinar Naahom Dabaloo dabaluun ibsanii jiru.





# Hundeeffamaa fi Hojii Irra Oolmaan Mana Murtii Aadaa Ciminaan Itti Fufee Jira







Hojiin Manneen Murtii Aadaa Oromiyaa hundeessuu fi hojii irra oolchuu sadarkaa garaagaraa irratti taasifamaa ture raawwii gaarii irra akka jiru ibsamee jira. Jalqaba Labsii Mana Murtii Aadaa Oromiyaa hundeessuu fi beekamtii kennuuf MMWO fi qaamolee biroo dhimmi ilaaluun qophaa'ee Caffeetti dhiyaate Adoolessa 10/2013 kan ragga'e yemmuu ta'u; akkasumaas dambiin labsicha raawwachiisuuf Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaatiin Bahe Lakk. 10/2014 fi Qajeelfama dambii ba'e raawwachiisuuf Koree bulchiinsaa MMWOn ba'e Lakk.15/2014 tumamee gara hojiitti galamee jira.

Labsii fi dambicha irratti hubannoon hooggansa Manneen Murtii, Caasaalee Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa sadarakaa jalaa jiran, Abbootii Gadaa fi jaarsolii biyyaaf uumamaa kan ture yoo ta'u, kanuma irratti hundaa'uun Manneen Murtii Aadaa sadarkaa gandootaa fi aanaaleetti akka hundaa'an kallattiin kennamee hojiitti galameera. Mariin hundeeffamaa fi bu'a qabeessummaa Mana Murtii Aadaa Oromiyaa rakkoolee mudachaa jiranii fi kallattii furmaataa akeeku qophaa'ee yeroo garaa garaa mari'atamaa turee jira.

Kaayyoo fi barbaachisummaan mana murtii aadaa kanaanis manneen murtii aadaa hundeeffamanii gaafa hojiittii galan dhimmoota Manneen Murtii idilee irraa xiqqeessuu, haqummaa mirkaneessuu, dhamaatii abbaa dhimmaa salphisuu fi duudhaa Oromummaa ol kaasuu keessatti shoora ol'aanaa taphatu jedhamee akka eegamu ibsamee jira.

Bu’uura labsii fi dambichaanis hojiiwwan manneen murtii aadaa hundeessuu bakkeewwan hedduutti sadarkaa gandootaa fi aanaaleetti gaggeefamee jira. Kanneen dursanii hojii keessa turaniifis beekamtiin kennamee jira. Bakkeewwan muraasa hafanittis itti fufuun kan hundeeffamu ta’uu ibsamee jira.

Haaluma kanaanis manneen murtii aadaa jalqabaa baay’inaan 5120 ta’an (MM Aadaa duraan turanii beekamtii argatan 157, fi MM Aadaa Jalqabaa Haaraa Hundaa’an 4963; Manneen Murtii Aadaa Ol-dabarfataa baay’ina 248 (MM Aadaa duraan turanii beekamtii argatan 21 fi MM Aadaa Ol-dabarfataa Haaraa Hundaa’anii 227 ta’an gandoota 5631f tajaajila kennan hundaa’anii gara hojiitti galanii jiru. Gama kanaanis sochii galmee mannneen murti aadaa jalqabaa keessa turan 27823 yemmuu ta’u isaan keessaa dhimmoota furmaata argatan 18870 fi dhimmoota beellamaan jiran 8953 akka ta’e ibsamee jira. Kan manneen murti ol-dabarfataanis waliigala dhimmota sochii irra turan 3977 yoo ta’u, isaan keessaa dhimmota furmaata argatan 3496 fi dhimmoota beellamaan jiran 48 ta’uu ibsamee jira. Kunis sochiin gama kanaan jiru gaarii ta’uu fi dhamaatii fi baasii abbootii dhimmaa qarshii 40,831,469 tilmaamamu akka hambise ibsamee jira.

# KEESSUMMAA KEENYA



## Aadde Aashaa Aminee,
## Abbaa Seeraa MMWO

Maxxansa 'Barruu Haqaaf' waggaatti al-tokko maxxanu keessaa mata duree 'Keessummaa Keenya' jedhu jalatti namoota fakkeenyummaa fi muuxannoo gaarii qaban affeeruun muuxannoo jireenyaa, barnootaa fi hojii isaanii irratti qaban dubbistootaaf akka qoodaniif dhiyeessaa turuun keenya ni yaadatama. Maxxansa bara kanaanis Aadde Aashaa Aminee, Abbaa Seeraa MMWO kan ta'an qabannee dhiyaannee jirra itti dhiyaadhaa.

**Haqaaf**: Aadde Aashaa yeroo keessan nuu laachuun turtii nu waliin taasisuuf hayyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa jenna!

**Aadde Aashaa:** Isinillee galatoomaa!

**Haqaaf**: Mee seenaa dhalootaa keessan nutti himaa! Eessatti dhalattanii guddattan?

**Aadde Aashaa**: Ani dhaladhee kanan guddadhe Godina Harargee Lixaa Aanaa Xuulloo Araddaa Waldaa Jaalala Biyyaa dur jedhamu amma ammoo Hundee Misoomaa jedhamu.

**Haqaaf**: Yeroo ijoollummaa keessanii maal yaadattu maatii keessatti akkamiin dabarsitan?

**Aadde Aashaa**: Ani ijoollee baadiyyaa ti; akkuma

ijoollee baadiyyaa kamittuu hanga umuriin kiyya barnootaaf gahutti angafoota koo waliin horii tiksaan guddadhe. Akkuma ijoollee kamiiyyuu hiriyyoota kiyya waliin dhoqqee bukeeessaa baala ciree taphaachaan guddadhe.

**Haqaaf**: Akkamiin mana barumsaa galtan angafootni keessan barataniiru eessattis barattan?

**Aadde Aashaa:** Angafootni kiyyallee namni baratee hin jiru maatii kiyya keessa. Bara Dargii Hundee Barnootaa ykn 'Masarata-Timihirt' kan jedhamutu ture; isa sana dirqamaan ganda keessatti maatii fi ijoollee barsiisu turan. Anis isa baradheen ture …ha hu..achittan baradhee ture. Barnoota kana yoon ilaalu waa'een barnootaa kun natti tole. Anis kanumaan abbaa kiyyaan mana barumsaa na galchin jedhe. Abbaan kiyyas tole jedhee mana barnootaa Qorkee Sadarkaa 1ffaa jedhamu 1-6 tti barsiisu mana jireenyaa keenya irraa hanga sa'atii walakkaa fagaatu na galche. Yeroon kutaa 1 galus barnoota bu'uuraa waanan baradhee jiruuf hanga samisteera 1ffaatti gaafan baradhu kutaa 2ffaattin darbe yeroo sana 'term' waan jedhamutu jira ture. Achumaan barnoota itti fufee hanga kutaa 6ffaatti achumatti xumure. Mana barnootaa kanatti hanga walakkaa guyyaatti isaan booda gara manaatti yemmuun galu horiin tiksa. Dabtara kiyya qabadhee deemee achuma gaaddisa jalatti qo'adha. Kanuma keessatti maatii gargaaruu qoraan cabsaa, bishaan fidaa haala kanaan kutaa jaha achumatti xumure.

**Haqaaf**: Haala kanaan hojjechaa barachuun ni ulfaata isinin mee rakkoo maaltu isin mudataa ture?

**Aadde Aashaa**: Rakkoo hedduutu ture. Keessattuu gaafan barnootaaf deemu hawaasni, firoonni maatii kiyya irratti dhiibbaa gochaa turan. Ishiin dubartii dha maal baratti naamusa garaagaraa keessallee galtee maqaa keessan arrabsiisuu dandeessi jechuun dhiibbaatu ture. Abbaa fi haati kiyya garuu jabaadhee akkan baradhuuf na jajjabeessaa turan. Keessattuu abbaan kiyya ofiillee barachuu baatu akka naannootti dhageettii qaba ture, jaarsa biyyaa ti. Waan fedhan yoo jedhanillee jabaadhuu baradhu naan jedha ture. Barsiisotni kiyyas ani yeroo sanatti barnotaan nama fooyyee qabu waanan tureef abbaa kiyya yaamanii ni gorsu turan. Ana booda obboleessi kiyyallee mana barnootaa seenee waan tureef yoo addaan kuchisiisuu barbaadde isa kuchisiisi malee ishee addaan hin kuchisiisin jedhanii gorsu ture abbaa kiyya. Abbaan kiyyas sanumaan hamilee godhatee na jajjabeessaa ture. 'challenge'n tures hagana kan hin jedhamneedha. Ani jabaadhee maatiinis obsanii keessa darbe malee 'challenge' guddaatu ture. Heerumsiifadhaa kanarra ni gaha yaada jedhutu ture garuu kana damdamadhee rabbi na gargaaree sadarkaa kana gahe.

**Haqaaf:** Kana hunda keessa dabartanii attamiin seera barattan filattaniimoo akka tasaati?

**Aadde Aashaa**: Akkaataan itti gara seeraa kana dhufe eeggan sadarkaa 1ffaa kana xumuree 'high school' xumuree barsiisummaa leenji'ee barsiisummaa seene. Barsiistuu ta'ee barsiisaa ture. Otoon kanaan jiruu mootummaan carraa barnootaa fide. Carraa barnootaa kana galanii kan baratanillee yoo ta'e namoota cimanii baratanii keessaa bahuu danda'an jedhanii barbaadaa turan. Yeroo sanatti namni barate hin turre rakkoo dha. Kanumaan isaan madaallii qabu ture na filatanii barachuu ni feeta yoo ta'e jedhanii natti himan. Anis barachuu akkan fedhu itti hime. Fiildii garaagaraatu ture anillee seera baradhee uummata kiyya tajaajiluu barbaada jedhee yaada kiyya ibse. Magaalaa Finfinneetti 'entrance' tu ture anillee 'entrance' sana fudhee darbe. Akkasiin seera baradhe jechuudha.

**Haqaaf**: Eega seera barattanii booda bakka biraa hojjettaniittumoo? haala itti mana murtiitti makamtan yeroo isaa waliin nu yaadachiisaa!

**Aadde Aashaa**: Eegan seera kana baradhee digirii

jalqabaan akkan eebbifameen yeroo sanatti namni digirii qabu hin jiru ture bara 1992. Gaafa sana mootummaan ni ramada. Abbaa Alangaa Godinaa godhanii na ramadan. Xiqqoo ji'a jaha hojjedhe mootummaan muudama biraaf barbaadamta jedhe. Dhimma dubartootaa irratti nama dhabne achirratti si muuduu barbaanna jedhanii yaada naa kaasan. Anillee ogummaa kiyyaan akkan hojjechuu fedhu umuriinis ijoollee waanan tureef gara siyaasaa kana muuxannoos ciminas hin qabu yaada jedhun kaaseef garuu  rakkoon hin jiru ni deeggaramta jedhanii Dhimma Dubartii Godinatti na muudan.

Achi waggaa tokko hojjedhee MMWOtti iyyata galfadhe. Ani xiqqoo bakki kun natti ulfaatee jira; ani nama siyaasaas miti bakka kana hojjechuuf nama cimaa ta'uu barbaada animmoo ogummaadhuamaan yoon hojjedhe naa wayya jedheen iyyannookoo MMWOtti galfadhe. CV kiyya ilaalanii mindaan koo akkuma godinaattuu guddaa waan tureef hoggansi CV koo ilaalanii nuti mindaallee hagas siif hin kaffallu akkamiin sii ta'a jedhanii na gaafatan. Rakkoo hin qabu mindaanillee na gaha ogummaan hojjechuun barbaadan jedhe. "Tole si yaamna" jedhanii xiqqoo turanii haala naamusaa kiyya qoratanii booddee na yaamanii gargaaraa Abbaa Seeraa MMWOtti shaakale Abbaa Seeraa Godinaa ta'uudhaaf. Gargaaraa Abbaa Seeraa ta'ee waggaa lama eegan hojjedhee booda Caffeedhaan muudama Mana Murtii Ol'aanaa argadhee 1996 Abbaa Seeraa Godinaa ta'ee ramadame. Waggaa lama ergan hojjedhee booda muudama pirezidaantii godinaaf si barbaanna yaada jedhu naa kaasan. Kun ta'uu hin danda'u hojiin kun nama bilchaataa barbaada bakka kanaaf ani hin malu hojichillee bu'a-qabeessa hin ta'u ani ammallee umuriinis hin bilchaanne yaada jedhun itti dubbadhe. Yeroo sana dorgomamee osoo hjn taane namni ilaalamee akkasumaan sakatta'amee naamusni isaa ilaalamee hoggansi muuda ture. Isaanis nuti akka qorannee si ilaalletti murteessaan qulqullina kan rabbi beeku akkuma jirutti ta'ee akka namni beekutti qulqullina kee qorannee itti amannee jirra muuxannoo akka hin qabnes  ni beekna nutis si deeggarra jedhan. Anis tole jedhee muudamee akkasiin bara 1997 Harargee Bahaatti Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa ta'uun ramadamee hojjechuu eegale.  Bakka kanatti waggaa jahaaf pirezidaantii ta'ee hojjedhe. Haalli itti hojjedhe gaarii ture. Yeroo sana Manni Murtii Ol'aanaa Godinichaallee waggaa sadiif walitti aansee 1ffaa bahee ture.

Sana booda bara 2003 ammoo pizidaantummaadhumaan Shawaa Kaabaatti hojiidhaaf barbaadamta jedhanii na jijjiiran. Shawaan Kaabaa rakkisaa dha Abbaa Seeraa irratti waan hin taane hojjetu jedhanii odeessu; namoonni bakka kana dhuguma deemtee hojjettii jedhanii na sodaachisanii turan. Ani homaayyuu natti hin fakkaanne; maatiikoo fudhadhee gammachuunan deeme. Homtuus nan mudanne hawaasa mana murtiis ta'e alaa wajjin jaalalaan ture. Hawaasni naannoo kanaa garaa si nyaatu hawaasa nama kabajuu fi naamusa qabuu dha yoo itti hin buune sittin bu'an hawaasa nama kabajuu dha. Haaluma gaariin waggaa lamaaf achi hojjedhee hoggansi gara Godina Addaa Adaamaatti jijjiiramuu qabdi jedhee ammas pirezidaantummadhumaan garasitti na jijjiiran. Na jijjiiraa jedheellee hin iyyanneen ture, uummatnillee jijjiiramuukootti hedduu mufate. Godina Addaa Adaamaas waggaa lama walumaagalatti hoggantummaadhaan waggaa kudhaniif hojjedhee isaa booda amma ofumaan murteeffadhe. Silaa pirezidaantummaan waggaa kudhan hojjedhee amma Abbaa Seeraa ta'ee hojjechuu akkan qabu murteessee MMWOtti iyyadhe. Akkuma Abbaa Seeraa kamittuu naamusa koo waan hundumaa qoratanii darbe. Bara 2007 Abbaa Seeraa MMWO ta'ee muudamee hanga ammaatti hojjechaa jira.

**Haqaaf**: Qulqullummaa fi Abbaa Seerummaa akkamiin ilaaltu?

**Aadde Aashaa**: Hojiin Abbaa Seeraa qulqullina ol'aanaa gaafata. Akka dhuunfaakootti yoon ilaalu bishaan ciisee jiru yoo ijaan ilaaltu qulqulluu fakkaata garuu gaafa calaltuun calaltu waan biraa keessaa baha. Ani hojiin abbaa seerummaa akka bishaan isa calalamee sana ta'uu qaban jedha. Namootatu haqa barbaacha fuula abbaa seeraa dhufa kanaaf abbaan seeraa haqa kennuuf sadarkaa kanatti qulqulluu ta'uu qaba jedheen amana.

**Haqaaf**: Hojiin Abbaa Seerummaa boqonnaa hin qabu galmee qorachuu, barreessuu fi mari'achuutu jira. Dubartootni ammoo itti gaafatummaa dachaa qabu mana bulchu isin hojii abbaa seerummaa fi dubartummaa kana akkamiin ilaaltu?

**Aadde Aashaa**: Akka nama dhuunfaatti Abbaan Seerumma dubartootatti ulfaachuu mala sababni isaa daa'ima qabdi abbaa manaa qabdi. Dirqama haadhummaa daa'ima kana dhiquu, uffisuu fi raffisuu qabdi. Kana biratti galmeen dubartiidha jedhamee hir'ifamee waan hin kennamneef dirqama gama kanaan jirus bahachuu qabdi. Sababni isaa dirqama haadhummaa kana raawwattee ganama yemmuu deemtu haadha dadhabduu kan daa'ima qabattee jirtu kan maallaqa hin qabnetu dhufee fuula ishee dura dhaabbata. Kana ilaaluu irra irriba dhiisee galmee kana barreessuun qaba. Ni ulfaata garuu kana cabsitee gaafa keessa baatu hojiin ishii yoo ilaalamu qulqulluudha komiin abbaa dhimmaa hin jiru; hoggansa ta'ees madaalee ilaaleen jira. Kanaa wajjin yoo wal bira qabdee ilaaltu dubartootni hojjechuu qaban. Ulfaatinni jiru akkuma jirutti ta'ee dubartoota gara mana murtii fiduun bu'a qabeessa.

**Haqaaf:** Mee haalli yeroo isin gara mana murtiitti dhuftanii fi jijjiiramni amma mana murtii keessa jiru maal fakkaata?

**Aadde Aashaa**: Asuma keessan ture waan ta'eef haala turee fi jijjiirama amma jiru nan beeka. Yeroo jalqaba pirezidaantii ture karoorri hin jiru ture. Nutis pirezidaantii godinaa taanee kan hojjetamu galmeedha Abbaan Seeraa galmee hanga danda'e hojjeta akkamiin karoorfama jennee wal falmaa turre. Haata'u malee, booda mari'annee waliigallee karoora qopheeffachuu eegalle. Baajetni baay'ee xiqqoo ture. Fooldariis waraqaas abbaa dhimmaatu bitatee galmeen banama. Konkolaataan hin jiru baajatni bilbilaaf qabamu waggaatti aanaa tokkoof hanga qarshii shantamaa ture. Dhiyeessiin ture baay'ee xiqqoo ture. Amma jijjiirama guddaatu jira. Karoorri bahuu miti bahee caccabee irratti mari'atamee hawaasni hanga gadiitti hubatee; achuma keessayyuu qaphxiin xiyyeeffannoo barbaadan irratti mari'atameetu kan hojjetamaa jiru. Gama baajetaanis amma dhiyeessii gaariitu jira. Akkasiinan ilaala jijjiirama jiru.

**Haqaaf:** Dhaamsa Abbootii Seeraaf qabdan yoo jiraate …

**Aadde Aashaa**: Hojiin Abbaa Seerummaa kabajamaadha. Ulfina baannu kanammoo hoggansi akka nu eegu nu to'atu nurraa hin eegamu. Nutiyyuu hoggansa muudama caffee qabna. Abbaan Seeraa seenaa gaarii hojjetee darbuu qaba. Naamusa dhuunfaa isaa eeggachuu qaba; haalli itti haasa'u dubbiin dubbatu kana isa gitu ta'uu qaba. Tajaajila kennu keessattis kan na bira dhufu kan abbaa kiyya fakkaatu abbaa tiyya kan haadha kiyya fakkaattu haadha tiyya jedhee yaadee akkaataa kanaan tajaajilee darbuu qaba silaa gaaf tokko darbuun keenya hin hafu. Naamusa isaa eeggachuu qaba; ani abbaa seeraa ta'ee gaafan muudame irraa kaasee umuriin kiyya haa guddatus haa xiqqaatus nama guddaadha; nama bilchaatadha akkaataan itti haasa'u bilchaataa ta'uu qabu, hojiin koos dubbiin koos akkaataa hiriyaa koo hojii biraa hojjetuu ta'uu hin qabu. Hiriyaa xiqqeessuu qaba. Sababni isaa akkuma hawaasummaa baay'ifnu al-

loogummaa irratti gaaffii kaasa. Waan kabaja qabu irraa arguu namaaf fakkeenya ta'ee argamuu qaba Abbaan Seeraa. Bakki oollu bakki itti argamnu Abbaa Seeraa calaqqisuu qaba. Kabaja keenya kana waan xiqqoon sharafuu ykn jal'isuu hin qabnu. Yoon kana jedhu garuu abbaan seeraa waan hin taane hojjetaa jira jechuu miti ilaalcha hawaasa keessa jirutu jira. Hawaasa keenyaafillee kanan dhaamu Abbaan Seeraa haqa naa murteessa jedhee yemmuu dhufu dhimma qulqulluu qabatee dhufuu qaba. Waa kenneen murteessifadha yaada jedhu hawaasni keenyas yaada akkasii haquu qaba. Manni murtii keenya qulqullinaan akka tajaajiluuf hawaasni keenya deeggarsa godhuu qaba.

**Haqaaf**: Dubartoota kana caalaa gara mana murtiitti fiduuf eenyuu irraa maaltu eegama?

**Aadde Aashaa**: Mana Murtii keessatti Abbootiin Seeraa dubartootaa baay'inaan hin jiran. Keessattu sadarkaa ol'aanaa MMWOtti hin jiran jechuun ni danda'ama. Kana furuuf qaamotni garaagaraa gahee isaanii bahachuu qabu. Hawaasuma keessatti dubartiin jajjabaachuu qabdi. Hojiin Abbaa Seerummaa jabina barbaada kana maatiin gaafuma daa'ima isaanii mana barnootaa galchan qaphxii gaarii fidanii seera akka baratan jajjabeessuu qabu. Hawaasnis ilaalcha dubartiin hin dandeessu jedhu haqee dubartiin jabaattee yoo hojjette bakka hin geenye hin qabdu jedheen yaada. Akkasumas gama mootummaanillee ilaalchi addaa kennamuufii qaba. Dubartootni gaafa yuunivarsiitii galan gara kanatti akka dhufan jajjabeessuu qabu. Manni hojiillee dubartoota sadarkaa gadii irra jiran leenjii kennaniif gara olitti akka dhufan deeggaruu qabun jedha. Dubartootnille ani hoggansa hin danda'u hojiin Abbaa Seerummaa ulfaataa dha hin danda'u yaada jedhu qabu. Isaanillee ulfaatinni maatii jiru akkuma jirutti ta'ee nan danda'a yaada jedhutti amanuu akka qaban dhaamaaf.



# XIINXALA HAYYOOTAA

## Hiikkoo Seera Naannoo Mana Murtii Waliigalaa Federaalaatiin



**Obbo Mul'isaa Ejjetaa,**

**Gargaaraa Addaa Pirezidaantii Itti Aanaa MMWO**

**1. Seensa**

Sirna Federalizimii keessatti mootummoonni lamaa fi sanaa ol kan jiraatan yoo ta'uu keessumaa mootummaan sadarkaa lamajiraachuun kan beekamuu dha. Mootumoonni kun mootummaa jiddu galeessaa(Federaalaa) fi mootummaa Naannoo jechuun ni danda'ama. Haata'u malee, mootummoonni sadarkaa lamatti ijaaramanii jiraachuun isaanii qofti sirnicha sirna Federaalaa kan taasisu miti. Qoodinsi Aangoo mootummaa mootummoota lamaan jidduutti taasifamuun amala sirnicha sirna federaalizimii jechisiisan keessaa isa tokkoo dha. Qoodinsi aangoo kunis heera mootummaa biyya sanaan kan taasifamu ta'uutu irraa eegama. Kana jechuun qoodinsi aangoo mootummaa federaalaan yookiin mootummaa naannoon kan taasifamu osoo hin taane sanada

mootummoota lameeniifuu walqixa ta'e heera mootummaatiin kan taasifamuu dha.

Qoqqoodinsi aangoo kun bifa garaagaraa fudhachuun kan taasifamu yoo ta'u isaan baratamoon, aangoo mootummaa federaalaa heericha keessatti tarreessuun kaa'uu, aangoo waliinii mootummaa federaalaa fi naannoo tarreessuu fi kanneen tarreefamaniin ala kan jiran ammoo mootummoota naannoof akka kennaman gochuun isa tokkoo dha. Takkaa qoqqoodinsi aangoo sun taasifamnaan mootummoonni sadarkaa lameeniituu daangaa aangoo isaaniif kenname keessatti seera tumuu, hiikuu fi raawwachiisuun gahee dhuunfaa mataa mataa isaanii ta'a jechuu dha. kana jechuun ammoo gosa sirna federalizimii sanaratti hundaa'uun qaamni mootummaa federaalaa seera mootummaa Federaalaa ni baasa, ni hiika, ni raawwachiisa jechuu dha. Kan mootummoota naannolees akkasuma ta'a jechuu dha. Haata'u malee mootummaa federaals ta'ee mootummaan naannoo uummata tokkoo fi lafuma tokko waliin qaban irratti aangoo waliif qoodun kan bulchan waan ta'eef dhimmoota tokko tokko irratti walirra bu'iinsi aangoo uumamuu kan danda'uu dha [1]. Akkaataa kanaan fi haala biroon Aangoon mootummaa walirra yoo bu'uu mootummaa isa kamtu dhimma isa kamiif Aangoo qaba kan jedhuu fi akkaataa hojiirra oolmaa isaarratti walitti bu'iinsi uumamuu danda'a. Walitti bu'iinsa kana hiikuuf ammoo biyyooni tooftaa garaagaraa kan fayyadaman yoo ta'uu heera mootummaa ofii keessatti keewwata dhimma akkanaa bulchu baasuun hojiirra oolchuun tooftaa isa tokko dha. Gama Heera biyya keenyaatti yoo deebinuu dhimmoota akkasiitiif tumaan heeraa kan hin jirre yoo ta'uu mootummaan federaalaa seera baasuun seerri naannoo fi federaalaa yoo walitti bu'ee kan mootummaa federaalaa hojiirra akka oolu gochaa turuun yaadannoo yeroo dhiyooti [2] . Yeroo amma labsiin akkanaan aangoo naannolee sarbu kan hin jirre ta'us, manneen murtii federaalaa seerota naannoo akkamiin hiikaa jiru kan jedhu labsii manneen murtii federaalaa haaraa bahe ilaaluun barbaachisaa dha.

Haaluma kanaan barreefamni gabaabduu kun rakkolee gama hundaan dhimmoota ka'anirratti jiru hunda osoo hin taanee akkaataa hojiirra oolamaa seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa naannoo keenya qofarratti kan xiyyeefatu ta'a.

1

## 2. Qoodinsa Aangoo Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa

Biyyi keenya sirna federalizimii hordoffii erga eegaltee gara waggoota digdamaa ol kan lakoofsiftee dha. Qoodinsi aangoo mootummaa federaalaafii mootummoota naanolee jiddutti heera MDRFI tiin kan taasifamee dha [3]. Akkaataa heera kanaatiin Aangoon mootummaa federaalaa akka waliigalaatti tartiibameera, Aangoo waliin mootummoota keessumaa aangoo taaksii sassabuu ibsameera. Aangoon hafteen kan taaksiin ala jiran ammoo kan mootummoota naannoolee akka ta'u tumamee jira [4] . Qaama Mootummaa Federaalaa kan ta'e Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa seera hariiroo hawaasaa akka biyyaatti hojiirra ooluu danda'an baasuu danda'uu ammoo heericha kwt.55 [5] tti kan tartiibamanis kan jiran yoo ta'uu, seerota hariiroo hawaasaa kan biroo hawaasa siyaas-diinagdee tokko uumuuf gargaaru jedhee Manni Mare Federeeshini yoo itti amane seera hariiroo hawaasaa baasuu akka danda'u tumameera [6].

Akkataa tumaa heerichaa kwt. 55 irraa hubatamuutti seera hariiroo hawaasaa manni mareee bakka bu'ootaa uummataa seera akka baasu aangeffameen ala seerri

[1] Arun Sagar, "Federal Supremacy and the Occupied Field: A Comparative Critique," The Journal of Federalism volume 43 number 2, July 19, 2012 p.1

[2] Labsii Aangoo Manneen Murtii Federaalaa Hundeessuuf Bahee Ture Labsii Lakk. 25/1988 kwt.6(2)

jiruu fi mana maree federshiniin hawaasa siyaas diinagdee tokko uumuuf seera hariiroo hawaasaa Mani Maree Bakka Bu'oota Uummataa akka baasu addatti kan itti amanameen ala seerri jiru irratti naannoleen seera tumuu akka danda'u kan hubachiisuu dha.

**3. Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Manneen Murtii Naannoon Oromiyaa Ittiin Hojjachaa Jiran** Manneen murtii Oromiyaa seerota maal maaliin akka hojjatan ifatti kan tumame hin jiru. Haata'u malee, seerota kanaan dura bahanii hojiirra [2]jiran kan Federaalaas ta'ee kan naannoo Oromiyaa fayyadamuun hojiin akka hojjatu beekamaa dha. Gama seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaatiin SDFHH(civil procedure code) kan bara mootummaa Haayila Sillaasee bahee hojiirra jiru fayyadamuun adeemsa sirna falmii dhimmoota hariiroo hawaasa dhiyaataniif kan ilaalaa jiruu dha. Haata'u malee bu'uura armaan olitti seera hariiroo hawaasaa mootummaan nannolee tumachuu akka danda'amu heera mootummaa federaalaatiin kan hin dhorkamne ta'uun armaan olitti xiinxalameera. Bu'uura kanaan yoo ilaalamuu seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaa(SAFHH) sadarkaa naannootti bahuu akka danda'uu kan nama hubachiisuu dha. Qabatamattis qaamni seera baasaa mootummaa biyyolessaa naannoo Oromiyaa kan ta'ee caffeen seera hariiroo hawaasaa yeroo adda addaa tumaa tureera [7]. Labsiilee aangoo mana murtii naannichaa gurmeessuuf bahan keessattis aangoo manneen murtii naannichaa sadarkaa Aanaa, Ol'aanaa fi Naannootti jiru gama hariiroo hawaasaan maal ta'uu akka qabu qoqqooduun kaa'ee kan jiruu dha.

Bu'uuruma kanaan labsii haaraa kanaan Manneen Murtii Aanaa dhimma hariiroo hawaasaa qabeenyaa socho'u tilmaamni mallaqaa qarshii milliyoona 1 (tokko) hin caalle, qabeenya hin sochoone tilmaamni mallaqaa isaa qarshii miliyoona 3 (sadii) hin caalle ilaalee murteessuuf aangeffamee kan jiru dha. Manni murtii Ol'aanaa ammoo kan mana murtii Aanaaf kennamee kana akkuma eegametti ta'ee qabeenyaa socho'u tilmaamni maallaqaa qarshii miliyoona 1 (tokko) oli fi kan qabeenya socho'uu miliyoona 3(sadii) ol ta'ee daangaan osoo itti hin godhamiin akka ilaaluu danda'u kan tumamee dha [8]. Akkasumas ol'iyyonnoon dhimma hariiroo hawaasaa kana dura labsii tureen al tokko qofa ol'iyyachuun kan hayyamamu yoo ta'uu labsiin haaraan amma hojiirra jiru ammoo daangaan ol'iyyaannoo irratti kaa'amee ka'uudhaan ol'iyyaanni tokko walitti aansuun gaggeeffamu akka danda'uu tumee jira. Kanaan alattis dhimma[3] ijibbaataatti dhimmoonni dhiyaatan ilaalchisee keessummaa'uu kan danda'u murtiin dhumaa guyyaa kennamee kaasee guyyoota walitti aanan 60(jaatama) keessatti yoo dhiyaatan qofaa akka ta'e tumameera[9]. Egaa jijjiramoonni labsii kana keessatti kallattii seeraa adeemsa falmii hariiroo hawaasaan taasifaman kunniin seera adeemsa hariiroo hawaasaa(koodii) fi labsii manneen murtii federaalaatiinis iddoon walitti bu'an kan jiran ta'uu akka fakkeenyaatti ka'uu kan danda'anii dha.

**4. Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa Manneen Murtii Federaalaa Ittiin Hojjatan**

Manneen Murtii federaalaa seerota bu'uuraa fi seerota adeemsa falmii ittiin hojjachuu qaban labsii haaraa amma hojiirra jiruun adda baheera [10]. Labsii manneen murtii federaalaa lakk. 25/88 keessaatti qoqqoodinsi seerota bu'uuraa fi seerota adeemsa falmiilee jechuun kan adda qoodamee hin turre. Haata'uu malee labsii kanaan duraa keessattii manneen murtii federaalaa

[3] HMDRF labsii lakk.1/1987
[4] HMDRFI kwtt. 51,52,55 fi 96-99 ilaalaa.
[5] Akka fakeenyaatti Seera Hojjataa, Koodii Daldalaa seerota maqaa dhaaman kanneen biro baasuu akka danda'u tumamee jira.
[6] HMDRFI kwt. 55(6) ilaalaa

[7] Labsii Aangoo fi gurmaa'insa manneen murtii oromiyaa irra deebiin hundeessaa turan labsii lakk.141/2000 fi labsii lakk, 216/2011 ilaaluun ni danda'ama.
[8] Labsii lakk. 216/2011 kwtt. 30 fi 31 ilaalaa

dhimmoota naannolee wayita ilaalan seerota naannoleen akka ilaalanii fi seeronni naannolee Labsii Manneen Murtii Federaalaa waliin walitti bu'iinsa yoo qabaatan hojiirra akka hin oolle kan tumu ture [11]. Tumaan kuniis seerota Naannoolee qaamni seera baasuuf aangoon isaa heera mootummaan kennameef baase mootummaan federaalaa(manni mare bakka bu'oota uummataa) qofaa ofii labsii dhaan akkasitti kufaa gochuu akka hin dandeenyee fi qajeeltoo akkasii heerri mootummaa rippaabilika dimokiraatawaa federaalaawaa Itoophiyaa tumee waan hin jirreef heerawaa akka hin taane qeeqamni adda addaa itti ka'aa tura. Sababa sanaaf fakkaata labsiin amma seerota bu'uuraa manneen Murtii federaalaa ittiin hojjatan kan jedhu jalatti dhimmoota naannolee fi bulchiinsota magaalaa Finfinnee fi Dirre Dhawaa wayita ilaalan seerota Naanoolee fi bulchiinsota magaalaa kanan akka ta'ee kwt. 6 jalatti ibsamulleen [4]walitti bu'iinsi yoo jiraate maal akka ta'uu qabu waan tume hin jiru. Adeemsi kunis waan sirrii fi walitti bu'iinsi seerotaa yoo uumaman seeronni sun daangaa heeraan akka seerri irratti tumame kennamee keessatti moo sanaan ala bahuun kan tumamee dha isa jedhuun fala kan argatuu dha.

Gama Seera adeemsa falmiitti tti yoo deebi'nu ammas Labsiin manneen murtii federaalaa rakkoo mataa isaa kan danda'e kan qabu ta'uu isaa ni hubatama. Labsichi seerota ittiin hojjatu seerota bu'uuraa fi seerota adeemsa falmiileetti gargar qooduun kan ilaalee dha. Sun rakkoo ta'uu dhiisuu mala. Haata'u malee, Labsii Manneen Murtii Federaalaa Lakk. 1234/2013 kwt.7 jalatti seerota adeemsa falmii yakkaa fi Hariiroo hawaasaa akkasumas seerota biroo rogumaa qaban hojiirra jiran dhimmoota labsii kana keessatti tumaman waliin hanga walitti hin buunetti raawwatiinsa akka qaban tumee jira. "The Criminal and Civil Procedure Codes as well as other relevant laws in force shall apply with respect to matters not provided for under this Proclamation insofar as they are not inconsistent therewith." Haata'u malee, akkaataa seerota bu'uraaf labsuma kana kwt.6 (2) jalatti ibsametti seeronni adeemsa falmii kun seerota adeemsa falmii nannoleen baasan keessumaa seeraa adeemsa falmii hariiroo hawaasaa waliin yoo walitti bu'iinsa qabaatan dhimmoota naannoleerratti seerota kamtu hojiirra oola kan jedhu waan dubbatu hin qabu. Asitti dhimmi gaaffii kaasisu callisini kun itti yaadameeti moo osoo hin yaannee kan bira darbamee dha kan jedhuu dha. Akkaataa ijaarama tumaalee kwt. 6 fi 7 irraa yoo ilaalamee beekaa kan dhiifama fakkaatullee gara fuula duraa isa kanaan walqabatee qabatamaatti rakkoo qabatamaa uumuu akka danda'uu tilmaamuun ni danda'ama. Akka fakkeenyaatti rakkoon qabatamaan uumamuu danda'uu labsii Manneen murtii Oromiyaa lakk.216/2011 kwt.27(2) iyyanni tokko Dhaddacha Ijibbaataaf dhiyaachuu kan danda'u murtiin dhumaa guyyaa kenname irraa eegalee guyyoota walitti aanan 60(jaatama) keessatti yoo dhihaate dha jechuun tumeera. Akkuma beekamuu koodiin adeemsa falmii hariiroo hawaasa amma jiru fi manneen murtii federalaa amma ittiin hojjachaa jiran daangaa kan bal'ise iyyannoon ijibbataaf dhiyaatu guyyaa 90 keessatti ta'uu akka qabuu kan tumee dha. egaa dhimmi naannoo Oromiyaatti ilaalamee guyyaa 60 keessatti dhiyaachuu dhabuu isaatii fi sababa gahaa dhabuun kan hin hayyamameef yoo ta'ee sadarkaa mana murtii waliigala federaalaa dhaddacha ijibbataatti ammoo sirumaa yeroon hayyamameef guyyaa 90(sagaltama) waan ta'eef yeroon itti hin dabarre jechuuf kan deemsisuu dha jechuu dha. Qabatamattis sababa kanaan murtiin Mana Murtii waliigalaOromiyaa dhaddacha ijibbataa Mana murtii waliigala federalaan diigamaa jiraachuu akka hin oolle shakkiin hawaasa mana murtii waliigalaaa

[9] Kanuma armaan olii kwt. 27(2) ilaalaa
[10] Labsii Manneen Murtii federaalaa lakk. 1234/2013 kwtt.6 fi 7
[11] Labsii manneen murtii federaalaa lakk. 25/1988 kwt 6 ilaalaa.

Oromiyaa bira ni jira [12]. Kun ammoo nanna'ee aangoo mootummaa naannichaaf seera adeemsa falmii baasuuf heera Federaalaan kenname mataa isaa kan deebisee sarbuu fi wal amantaa mootummoota lameenii illee kan miidhu waan ta'eef gara fuula duraa fala kan barbaaduu dha.

## 5. Xumura

Yaadota armaan olitti ilaalameen, labsiin Manneen Murtii federaalaa haarawaan tumaa seeraa heeraawaa hin taane kanaan dura tumee jiru haquun tarkanfiin fudhate jijjiirama guddaa ta'uu isaa kan hubatamuuu dha. Haata'u malee, seerota adeemsa falmii ilaalchisee dhimmoota naannoo wayita ilaalu fayyadamuu akka qabu tumamuu dhabuun isaa rakkoo ta'ee jira. Mootummaan naannoo ammoo keessumaa seerota hariiroo hawaasaa(seera adeemsa hariiroo hawaasaa dabalatee) baafachuu akka danda'u heera mootummaa federaalaa bakka aangeessee jirutiii mootummaa federaalaa qofaa isaatti labsii baasuun aangoo naannolee fudhachuun isaa heerawaa kan hin taanee dha. Ijaarsa sirna dimokiraasii, madaala sirni federalizimii tokkumaa biyyaa fi mirga ofiin of bulchuu sabaa fi sab-lammii fi uumattonni Itoophiyaa qaban akka waliigalaa fi adeemsa qulqullina murtii mirkaneessuuf manneen Murtii Oromiyaa itti jiran karaa addaa daran kan miidhuu dha. Kanaafuu, [5]haallawwan Manni murtii Waliigala Federaalaa dhimmoota naannoo ijibbaataan ilaaluu danda'u hanbisuun ulfaataa ta'uu isaa kan hubatamu ta'us Labsii Manneen Murtii Federaalaa Kwt.7 akkaataa kwt.6 jalatti bocameen dhimmonni naannoo wayita ilaalaman seerri adeemsa falmii hariiroo hawaasaa naannnoleen akka ilaalamu gochuun fooyya'ee akka tumamu gochuun barbaachisaa dha. Sanarra darbee aangoon seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa tumuu naannolee gaaffii keessa kan galu yoo ta'e ammoo Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa hiikkoo heeraaf gara qaama Heera Federaalaa fi Naannoo hiikuutti erguun heerawummaa hojiitti hiikuu eegaluu qaba.

[12] Yaadota walgayii koree bulchiinsaa keessatti sababoota diigamuu murtiilee manneen murtii Oromiyaa gabaasa baatii jahaa fi baatii sagalii wayita ilaalu ka'aa turan.

# DIIGAMUU FI FOOYYA'U MURTII MANNEEN MURTII* OROMIYAA: SABABOOTA FI XIINXALA DHIMMAA



Obbo Ayyaanaa Toliinaa

Abbaa Seeraa MMWO

**1. Seensa**

Akkuma addunyaatti xiyyeeffannaan Manneen Murtiif kennamee jiru hedduu dabalaa jira . Amma amma bulchiinsi gaarii mirkanaa'uun guddina dinagdee fiduufi misooma ariifataan akka jiraatu taasisuuf gahee guddaa qaba. Bulchiinsi gaarii akka mirkanaa'uuf Manni Murtii gahee bakka hin bu'amne qaba. Seeronni akka waliigaltee fi seera qabeenyaa sochii daldalaa eegumsa fi beekamtii kennuu; qabeenyota lammiileen dhamaatii isaaniin, beekumsa fi investimantii isaaniin horataniif eegumsa waan kenanniif daldala ni saffisiisuu; inveestimantii ni jajjabeessuu. Kanaan walqabatee wal diddaa dirqama waliigalteerraa maddu haala salphaa ta'e, yeroo gabaabaa fi baasii muraasaan akka fala argatan taasisuun barbaachisaadha. Bakka dirqamni waliigaltee hin raawwatamnetti gara daldalaatti seenuun ni xiqqaata. Biyyoota guddataa jiran keessatti dirqama waliigaltee haala salphaa fi

* Qorannoon kun kan gaggeeffame Abbootii Seeraa MMWO Obbo Hiikaa Araarsoo, Obbo Ayyaanaa Toliinaa fi Dursaa Garee Hoggansa Hojii Jijjiiramaa fi Bulchiinsa Gaarii MMWO Obbo Abdii Gurmeessaatiin yoo ta'u, barruu kanaaf akka ta'utti Obbo Ayyaanaa Toliinaatiin cuunfameera.

baasii muraasaan raawwachiisuu dhabuun rakkoo dinagadee isa ijoo ta'ee argama . Hariiroo dinagdee fi bu'a qabeessummaa manneen murtii qabu ogeessi seeraa tokko akka itti aanutti ibsu:

> *"absence of a well-functioning judicial system results in a higher transaction cost or a low-performance economy as the failure of the judiciary to enforce contracts will make a disproportionately large number of transactions to take place in the spot market where there is less likelihood of breach of contract. As a result, long-term contracts which are needed for a high-performance economy would not take place in systems where the judiciary is weak"* .

Mirgi Namoomaa fi dimookiraasii akka kabajaman taasisuun ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu, dimokiraasii akka dagaagu taasisuu fi nageenyi amansiisaa akka dhufuuf Manni Murtii iddoo guddaa qabu.

Akka biyya keenyaatti Heerri Mootummaa Federaalaa kwt.79 jalatti manneen murtii sadarkaa Mootummaa Naannoo fi sadarkaa Mootummaa Federaalaatti hundaa'anii aangoo abbaa seerummaa akka qabaatan tumee jira. Haaluma wal fakkaatuun lammiileen mirga dhimma isananii mana murtiitti dhiyeeffachuun haqa argachuu akka qaban kwt.37 jalatti tumamee jira. Haaluma kanaan akka naannoo keenyaatti Manneen Murtii Oromiyaa hundaa'anii tajaajila kennaa jiru. Tajaajila isaanii yeroo gara yerootti fooyyessuun amantaa uummataa horachuuf riformii bal'aa gaggeessaa jiru. Rifoormiiwwan kun immoo bifa uwwisa seeraa qabuun teessifamuu/ normative frame work/ waan qabuu fi qaamoleen hojii kana hojiirra oolchanis beekamuu waan qabaniif/ institutional frame work/ Labsii Lakk. 216/2011 fi 217/2011 bahanii jiru.

Tumaa Labsii Lakk. 216/2011 kwt.5 irraa kan hubannu Manneen Murtii Oromiyaa seera hiikuudhaan mirgaa fi walabummaa dhuunfaa fi garee heeraa fi seeraan beekamtii argatan raawwachiisuu fi kabachiisuu, waldiddaa namoota gidduutti uumamuuf furmaata kennuu fi ol'aantummaa seeraa mirkaneessuudhaan sirni dimokiraasii fi bulchiinsa gaarii akka dagaagu taasisuu kaayyoo isaanii isa ijoo ta'uudha. Kana milkeessuufis tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa, si'ataa fi bu'a-qabeessa ta'e, seera qofa bu'uureffachuudhaan, haala loogii fi gartummaa kamiyyuu irraa bilisa ta'een, bilisummaa guutuu fi gaafatamummaa ol'aanaadhaan raawwachuu akka qaban Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe Lakk. 216/2011 kwt. 23/1/ jalatti ibsameera. Ergama waliigalaa kana cinatti manneen murtii sadarkaa garaa garaa irra jiran ergama mataa isaanii akka qabaatan taasisuun dhimmota haarawaa Labsii Lakk. 216/2011 keessatti hammatamanii jiraniidha.

Manneen Murtii keenya yeroo ammaa humna nama baratee guuttachuu sanuu leenjii hojiirraa gama Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Seeraa fi Qorannoo Qaamolee Haqaa kenname keessa bahanii dhufan baay'inaan simachaa jiru. Haa ta'u malee, haalli itti galmeeleen ol'iyyataan/ ijibbaataan deemanii diigamaa ykn fooyya'an dabalaa deemuusaa gabaasaalee manneen murtii irraa ni hubatamu . Kun immoo ol'iyannoo fi iyyannoon dhaddachaalee Manneen Murtii Ol'iyyannoo ilaalanii fi Dhaddacha Ijibbaataa duratti akka heddummatu gumaachaa kan jiru ta'uu kan hubachiisuu dha. Kun immoo akkaataan yaa'insa dhimmootaa Mana Murtii Aanaa irraa gara Mana Murtii Waliigalaatti dhiyaatu karaa fiixee isaa qal'achaa kan deemuun (pyramid) ta'uu osoo maluu amma qabatamaan galagalchoo isaa gara fiixeen bal'achaa (inverted pyramid) ta'ee argameera. Kunis

Manni Murtii Waliigalaa (keessumaayyuu Dhaddachi Ijibbaataa) dhimmoota ijoo seeraa fi firii dubbii ilaaluuf akka muddamu taasiseera. Sababa kanaan yeroo fi qabeenyaan mana murtii fi abbaa dhimmaa gar-malee akka qisaasa'u ta'aa jira. Murtileen manneen murtii kennan wal fakkaachuu fi tilmaamamoo ta'uu waan dhabaniif manneen murtii keenya ergama isaanii qixa sirriin bahachuu irratti hanqinni mudataa kan jirudha. Kun immoo komii abbaa dhimmaa Manneen Murtii irraa qabu waan dabaluuf amantaa uummataa horachuuf danqaa ta'a. Kanaafuu, qorannoo kanaan sababa itti murtii manneen murtii ol'iyyannoon diigaman fi fooyya'an maal akka ta'e adda baasuu fi fala furmaataa kan itti ibsamuu dha. Qorannoon kun kan gaggeeffame irra caalmaan mala akkamtaa (qualitative method) yoo ta'u, akka barbaachisummaa isaatti malli hammamtaa (quantitative method) hojiirra oolee jira. Haala kanaan, af-gaaffii fi xiinxalli dhimmaa (case analysis) bakka guddaa argateera. Qorannoon kun sakattaa'a hog-barruu kan taasise yoo ta'u mata dureen kun armaan dura kan irratti hin qoratamne ta'uufi galmeeleen qorannoo kanaan sakatta'amanis kan bara 2011 fi 2012 keessaa waan ta'aniif dhimmoota armaan dura qorannoo toora kanatti gaggeeffamaniin hin hammatamne xiinxalamee jira. Sirni to'annoo abbaa seerummaa Heera Mootummaan diriiree jiruu fi labsiilee fi dambii keenya keesstati bahee jiru dhimma xiyyeeffanoo argachuu qabu ta'uun hubatamee qorannoo kana keessatti ilaalamee jira. Muuxannoo biyyoota biroo kanneen sirna seera biyyaa keenyaan wal fakkeenya qaban fi akkasumas rifoormii mana murtii gaggeessuun milkaa'an akka Faransaayi, Hindii fi Singaappoor xiinxalamee galteen irraa argame yaada furmaataa keessatti hammatamee jira. Dabalataan barbaachisummaan dhimmoota ol'iyyannoon ilaaluu fi sababa itti murtii jalaa keessa seenamu/ grounds of intervention/ sadarkaa yaadamaatti jiran maalfaa akka ta'an xiinxalamee kan naannoo keenyaa maal akka ta'e bal'inaan ilaalamee jira.

## 2. Xiinxala Daataa

Sababoota itti murtiileen manneen murtii ol'iyyataan itti diigaman/fooyya'an hunda tarreessuun ulfaataa fi yeroo akka malee kan fudhatu waan ta'uuf dhimmoota irra deddeebiin murtiileen ol'iyyannoon diigamuuf sababa ta'an adda baasuun sadarkeessuun/ prioritize/ gochuun qorannoo kana keessatti ilaalamee jira. Argannoowwan qorannoo kanaas: Dandeettii fi gahumsa abbootii seeraa ilaalchisee, haalli itti abbaan seeraa Mana Murtiitti makamu, abbootiin seeraa ofiin of cimsuu irratti, imaammata, tarsiimoo fi hojiirra oolmaa dandeettii fi gahumsa cimsuu irratti, leenjiin kennamu karoora yaadameef hojiirra ooluu irratti, manni kitaabaa gahaan dhibuu, seerota, dambiiwwanii fi qajeelfamoota akka barbaadanitti argachuu dhabuun akka rakkootti kan ka'e dha. Rakkoon naamusa oogummaa abbaa seerummaa eeguu; barsiisuufi tarkaanfii madaalawaa fudhachuu dhabuu rakkoo biraa qorannoo kanaan adda bahee dha.

Rakkoon biroo ilaalamee baay'ina (lakkoofsa) fi qulqullina wal simsiisanii hojjechuu dhabuu yoo ta'u kunis: qulqullina fiduuf imaammata, seerota, tarsiimoo fi staandardii /criteria/ ittiin galma gahamu haala gahaa ta'een/Adequately/ diriirsuu irratti hanqinni jiraachuu; haala raawwiin galmee lakkoofsaan safaramu; hojiin tajaajila abbaa seerummaa caalaatti galmee lakkoofsaan murtaa'een ilaalamu bal'inaan mul'achuu; hojiin biroo galmee irratti hojjetamu adeemsi itti safaramu haala ifa ta'een taa'uu dhabuu; raawwii irratti galmeen hundi lakkoofsaan gatii wal-qixa qabaachuu; hojiin Abbaa Seeraa, marii fi moggaafamaan safaramuu dhabuu; sababa kanaan qulqullina irra lakkoofsa galmee irratti rarra'uun heddumminaan kan mul'atu dha.

Ergama Manneen Murtii akka imaammata bu'uuraatti fudhachuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu fi kunis hariiroon Manneen Murtii Oromiyaa fi dhaddachaalee gidduu jiru laafaa ta'uu; sirna ittiin hiikkoon seeraa dirqisiisaan kennamu sirnaan diriiruu dhabuu; Dhaddachi Ijjibbataa istaandardii ittiin hiikkoo seeraa dirqisiisaa kennu diriirsuu dhabuu; mariin seeraa laafaa ta'u, muuxannoo wal-jijjiiruu dhabamuu, falmii seeraa irratti hanqinni jiraachuu; sirni marii dhaddachaa hanqina qabaachuu; gurmaa'insa dhaddachaa/specialization/ fi kutaawwan dhaddachaalee deeggaran hundaa'uu dhabuu. Fkn. DH I//MMWOtti Kutaa Qorannoo, Rikordii fi Gabaasaa jiraachuu dhabuu/; Gargaaraa Abbaa Seeraa dhabuu; mijaa'inni naannoo hojii dhibuu; Ijjibbaata irratti Ijjibbaata/Cassation over Cassation/ rakkoo guddaa ta'uu; dhaddachi tasgabbii dhabuu; murtiiwwaan kennaman ifa ta'uu dhabuu; kan of hin ibsine ta'uu; xiinxalli ragaa, sababaa fi seeraa sirriitti kutaa xiinxalaa keessatti kan hin ibsamne ta'uun bal'inaan mul'atee jira.

Hiikkoo seeraa dirqisiisaa hordofuu dhabuu ilaalchisee, murtiiwwan kennaman keessatti kutaan hiikkoo seeraa dirqisiisaa fi kutaan xiinxala sababoota firii dubbii wal-makee kan jiru ta'uu fi kan adda baasu dhabuu; dhimmi Naannoo, DH/I/MMWF akka amala sirna Federaalawaatti kabajamuu dhabuu; hiikkoo seera naannoo biraa, kan naannoo keenyaa hin ilaalle hojii irra oolchuu fkn. darbiinsa yeroo falmii lafa baadiyaa Naannoo Amaaraa-vis-à-vis-Naannoo Oromiyaa; DHIMMWF- Dhimma hunda itti seenuun ilaaluu; murtiiwwaan hiikkoo seeraa dirqisiisaa kennaman Afaan Amaaraan qofa kan maxxanfaman ta'uu; DHIMMWF-sirnaan murtii isa duraa jijjiruu dhabuu/ horizontal stare decisis/ kabajamuu dhabuun kanneen akka rakkootti ilaalamanidha.

Hanqina sirna deemsa falmii qixa barbaadamuun hojii irra oolchuun mul'atan ilaalchisee, qulqullina himannaa; qulqullina deebii, falmii fi ragaan dhimmi Abbootii Seeraa sadiin ilaalamu tokkoon dhagahamuu; ajajaa fi murtiif ariifachuu; hojii nuffuu; tumaawwaan SDF sirnaan hubachuu dhabuu; sirni barreessa murtii istaandardiin bahuufii dhabuu; murtiin kenname xiinxala kan hin qabne ta'uu; himanni dhiyaate, deebii kennamee fi falmii fi ragaan jiru maala akka ta'e murtii keessatti hammatamuu dhabuu; murtiin kan of hin ibsine ta'uu rakkoo tumaalee seera deemsa hordofuu dhabuun ilaalameedha.

Seera ragaa walqabatee ogummaa ragaa dhagayuu laafaa ta'uu; ragaan qaama ilaallatu biratti sirnaan daataa qabatee galmaa'uu ykn rikardi ta'uu dhabuu; itti gaafatamummaan qaama biraa laafaa ta'uu; ragaan ifa ta'ee dhiyaachuu dhabuu; ragaan sonaa alatti hojjetamee dhiyaachuu; sirna seera ragaa irratti hubannoon jiru laafaa ta'uu; sirna madaallii ragaa irratti hanqinni jiraachuun; ragaa ogeessa irraa dhiyaatu akka ragaa gudunfameetti fudhachuu; ragaa ogeessaa irraa dhiyaatu ulaagaa maal guutee dhiyaachuu akka qabu adda baasuu dhabuu; sirrummaa fi dhugummaa ragaa ogeessa irraa dhiyaatu itti adeemanii adda baasuu dhabuun sababa diigamuufi fooyya'uu murtiif sababa ta'aniidha.

Dhimmoonni yakkaa irra jireessaan kan fooyya'an murteessa adabbiin kan walqabtu yoo ta'u kunis Aangoo Murteessa Adabbii Gocha Yakkaa akka malee fayyadamuu/Abuse of discretion/; kaayyoo fi galma adabbii yakkaa sirnaan hubachuu irratti laafaa ta'uun akka rakkoo ijootti kan ka'uudha.

Seeronni Caffeen bahan qaawwa bal'aa kan qaban waan ta'eef abbootiin seeraa ejjennoo garaa garaa akka orratti qaban afeeruun ol'iyyannoon galmeen akka diigamuuf sababa ta'ee argama. Labsii sadarkaa naannottis ta'e sadarkaa federaalaatti bahu dhimma

tokko yoo haguugan kamtu hojiirra oola? Kana murteessuun aangoo eenyuuti? Kan jedhu walqabatee hubannoo wal fakkaataan waan hin jirreef sababa itti galmeeleen diigaman /fooyya'an ta'ee argama.

**3. Yaadota Furmaataa**

Akka yaada furmaataatti qorannoon kun kan akeeke: MMWO- bu'uura Labsii Lakk.216/2011 tiin imaammata fi tarsiimoo waliigalaa baasuu fi Manneen Murtii jalaa ammoo kana bu'uureffachuun akka qabatama isaaniitti tarsiimoo baafachuu akka qaban; Manneen Murtii sadarkaa adda addaatti jiran sagantaa, karooraa fi tarsiimoo ittiin fooyya'uu fi diigamuu Murtii Manneen Murtii hir'atan fi qulqullina fiduun danda'amu irratti ifatti kaawwachuu fi qopheeffachuu, akkasumas akkaatuma sanaanis hojjechuu fi hojicha hordofaa deemuun barbaachisaa ta'uu; hoggantootni tajaajila hojii Abbaa Seerummaa irratti sadarkaan jiran, keessattuu kanneen hojii dhaddachaatti dhiyeenyaan jiran miira ykn hojii garee (team sprit) uumuu fi jajjabeessuu. Gaggeessaa ta'ee dhaddacha irratti kan hojjetu dhimmoota falmisiisoo ta'an adda baasuun mariif, leenjiif ykn qorannoof dhiyeessuu qabu; beekumsi tokko irraa gara tokkotti bifa dabruu danda'uun (knowledge and Skill transfer) naannoon hojii akka mijatu gochuun barbaachisaadha. Kanas karoora tarsiimoon deeggarameen yoo irratti hojjetame gaarii ta'a. Abbootiin seeraa beekumsa, dandeettii fi gahumsa isaanii yeroo yerootti dhuunfaatti of cimsaa deemuun kan irraa eegamudha.

Gahumsa fi dandeetti abbootii seeraa cimsuun walqabatee: Abbootiin seeraa beekumsa, dandeettii fi gahumsa isaanii yeroo yerootti dhuunfaatti of cimsaa deemuun kan irraa eegamu ta'uu hubachiisuu. Manneen Murtii Sadarkaa sadarkaan jiran dandeettiin Abbootii Seeraa akka cimuuf (barnootaa fi leenjii), addumatti leenjii karaa ILQSO'tiin kennamu irratti xiyyeeffannoo kennuun, dhimma irratti leenji'amu, eenyu akka leenji'uu fi yoom akka leenji'amu addaan baasuudhaan, Abbootiin Seeraa leenjiin dandeettii isaanii akka gabbifatan gochuu barbaachisa; sirna madaallii abbootii seeraa eenyu hanqina akkamii maal akka qabu, haala saayinsawaa ta'een adda baasuu qaba. Sana booda bakka hanqina qaban erga adda bahee booda leenjii akka irratti kennamuufiif taasisu; Seerota qorannoo kanaan sadarkaa duraatti qaawwi dandeettii irratti argame seerota ragaa, seera Deemsa Falmii Hariiroo Hawaasaa fi Qajeelfama Murteessaa Adabbii irratti leenjiin akka kennamu taasisuu akka fala furmaataatti kaa'amee jira. Naamusa ilaalchisee:dursamee hojii ittisuu bal'inaan hojjechuu. Kana irra dabree, hojii to'annoo fi hordoffii taasisuu, akkasumas bakka barbaachisaa ta'ee argametti immoo tarkaanfii fudhachuu barbaachisaa ta'a. Baay'inaa fi qulqullina wal simsiisuun walqabatee: galmeen ariitiidhaan furmaata ykn murtii argachuu qaba sababa jedhameef furmaata guutuu fi fulla'aa argachuu hin danda'u. Ariitii hin malleen hojjetamee qabxiin qulqullaa'uu qabu yoo bira darbame ol'iyyannoo irratti immoo gadi deebi'ee dhimmichi keessa deebi'amee akka ilaalamu yeroo taasifamu ni mul'ata. Waan ta'eef Si'oomina=Qulqullinna=Heddummina/Lakkoofsa walsimsiisaa deemuu. Raawwiin akka gadi hin buuneef to'annoo, hordoffii, gaafatamummaa fi kkf cimaa deemuun fala ta'a. Loojistikii fi teekinikaan walqabatee: Abbootii seeraaf wantoonni hojii Abbaa Seerummaaf barbaachisan kan akka geejjibaa, interneetii, gargaaraa abbaa seeraa kkf guutamuu qabu. Sadarkaa Dhadadcha Ijibbataatti kutaan Dhaddachichaaf Kutaan/Department/ Qorannoo, Rikardii fi Reportii guutamuu akka qabu; manni kitaabaa guutuu sadarkaa Mana Murtii Waliigalaatti jiraachuu akka qabu akka yaada furmaataatti dhiyaatee jira.

Ergama Manneen Murtii ilaalchisee: Dhaddacha

Ijjibbaataa MMWO-Dhimma Naannichaa irratti Wal-fakkaattummaa fi tilmaamamummaa fiduuf yeroo irraa gara yerootti murtiiwwan dirqisiisaa kennaa akka deemuufi hojii kanaaf kan isa barbaachiisu qaamni ilaalu guutuu; Dhaddacha Ijibbaataa MMWO-Qorannoo Duraa fi Qorannoo Boodaa gidduu dhimmoota ijoo seeraa falmisiisoo ta'an irratti mariin idilaa'e jiraachuu fi yaadni/ejjennoon/ garmalee addaan bahee tilmaamamummaa fi wal-fakkaattummaa murtii gaaffii keessa akka hin galchine tarsiimoon irratti hojjechaa deemuu; Dh/Ol'iyyannoo MMWO ergama isaa, tilmaamamummaa fi wal-fakkaattummaa murtii irratti xiyyeeffatee hojjechuu; Manni Murtii Ol'aanaa bu'uura irraa Dhaddacha Ol'iyyannoo ta'uu isaa giddu gala godhachuun hojjechuu fi MMA ammoo dhimmoota dhiyaatuuf sirna seeraa hordofuudhaan qulqulleessuun murtii kennuu akka qabu yaada furmaataa ta'ee dhiyaatee jira. Dhimmi ijibbaata irratti ijibbaata ilaaluu faallaa Heera Mootummaa Federaalaa ta'uun hubatamee bu'uura Labsii Lakk. 1234/2013 kwt.41 eegalee jiruu Gumii Abbootii Seeraa Manneen Murtii Federaalaa irratti akka ajandaa mariitti ka'ee fala argachuu qaba. Dabalataan walitti dhufeenya Mootummoota Federaalaa fi Naannolee tumuuf bahe Labsii 1231/2013 kwt.11 fi 12 jalatti tumamee jiruun mariif dhiyaatee dhimma ijibbaataa irratti ijibbaata akka fala argatu taasisuu yaada furmaataa qorannoo kanaan adda bahee jiruudha.

Qaamni akka Federaalaattis ta'e Naannootti seera baasu qajeeltoo duudhaa sirna Federaalaa fi qoodinsa aangoo heeraan taa'ee jiru hordofuun seera iftoomina qabu baasuu; Manneen Murtii Federaalaas ta'ee Naannoos wayita seera hiikan, qajeeltoowwaan kan horofuun seericha hiikuu fi dhimmota falmii heeraa kaasanidha jechisiisan irratti dhimmichi hiikkoo akka argatuuf qaama ilaaluuf qajeelchuu; dambiiwwan akka Naannoo keenyaatti bahan, qaamooleen dambii baasaan, qajeeltoo dambiin tokko hordofee bahuu malu hordofuun dambiiwwan fi qajeelfamoota baasuu akka qaban yaadni furmaataa kennamee jira.

Ragaa qaamolee garaa garaa irraa mana murtiif dhiyeessan: naamusa ogummaa isaanii jiddu galeessa godhachuun ajaja kenname kabajuun irra gahanii akkaataa ajaja kennameen qulqulleessanii mana murtiif ibsa dhiyeessuu, ogeessa naamusa sobaa dhiyeessu irratti tarkaanfii seeraa akka fudhatamu taasifamuu qaba. Gabaasa ogeessaa akka ragaa gudunfameetti fudhachuun dogoggora ta'uun hubatamuu fi inumaa sirrummaa fi dhugummaa ragaa kanaa yoo falmii kaase manni murtii itti deemee adda baasuu kan qabu ta'uun dhimma akka yaada furmaataatti dhiyaatee jiruudha.

# OF-ILAALLEE

# SEERA AADAA FI MANNEEN MURTII AADAA KEENYA



**Obbo Milkii Makuriyaa,**

**Leenjisaa ILQSO**

**1. Seensa**

Walitti bu'iinsi taatee hawaasummaa namoota jidduutti uumamuu fi hambisuun hin danda'amne dha. Hawaasni kamiyyuu walitti bu'iinsa xiqqeessuu fi gaaga'ama hawwaasummaa akka hin hordofsiisneef mala ittiin furu kan mataa isaa qaba. Sirni hiikkaa waldhabbii kutaalee addunyaa gara garaa keessatti hojiirra oolu garaagarummaa bal'aa kan qabu akka ta'e ni beekama. Biyyootni tokko tokko maloota ammayyaa waldhabbii hiikuuf gargaaran cinaatti, maloota aadaas akka sirna hiikkaa waldhabbii tokkootti hojiirra oolchu. Malli aadaa kunis seera aadaa fi jaarmiyaalee aadaa kan bu'uureffatu dha.

Seerri aadaa barmaata, safuu fi safeeffannaa akkasumas tumaa hawaasa tokko keessatti fudhatama argatee sababa kanaanis hawaasichi ittiin bulu dha. Waliigalteewwan Idil Addunyaa fi akka Ardiitti

mallattaa’an keessatti namni kamiyyuu aadaan isaa akka dagaaguuf mirga akka qabuu fi mootummaan immoo duudhaaalee hawaasa keessatti fudhatama argatanii jiran eegumsa kennuu fi deeggaruuf dirqama akka qabu beekamtii kennanii jiru. Fakkeenyaaf, Waliigaltee Idil-addunyaa Mirga Diinagdee, Hawaasummaa fi Aadaa (ICESCR) (keewwata 15) fi Chaartarii Mirga Namaa fi Uummata Afrikaa (African Charter on Human and Peoples' Rights) keewwata 22, Chaarteerii Mootummoota Gamtoomanii caqasuun ni danda’ama. Bu’uuruma kanaan seerri aadaa akkuma seera mootummaan bahuu fi seera amantii akka gosa seeraa isa tokkootti ilaalamaa fi baramaa dhufuu danda’eera.

**2. Seerri Aadaa Maali? Seerri Aadaa Fudhatama Qabu Hoo Ulaagaa Maal Guutuu Qaba?**

Seerri aadaa seera taateewwan sababa waliin jireenya hawaasaatiin uumaman qajeelchuu fi murteessuuf hawaasa tokko keessatti uumamu dha. Seerri kunis seera barreeffamaa osoo hin taane seera afaanii kan ta’e, akkasumas maddi isaa mootummaa osoo hin taane hawaasa irraa kan ta’e dha. Seerri aadaa haala qabatamaa jireenya hawaasaa waliin walsimachaa fi jijiirraamaa kan deemu seera mirgaa fi dirqama hawaasaa qofa ibsu osoo hin taane mala waldhabbiin ittiin furmaata argatus seera haguugu dha. Seerri aadaa raawwatiinsa kan qabaatus hawaasa aadichi ilaalatu qofaa irratti dha.

Seerri aadaa tokko fudhatama qabaachuudhaaf ulaagaaleen guutuu qabu ni jiraatu. Seerri aadaa yeroo tokko hojii irra oolaa ture hanguma haalli siyaas-diinagdee fi hawaasummaa jijjiiramaa deemuun fudhatamummaa isaa dhabuu danda’a. Kana jechuun aadaan yeroo fi bara hundumaatti sadarkaa fudhatamummaa wal fakkaataa ta’e qabaachuu akka hin dandeenyaadha. Aadaa hawaasa tokkoo qixa nageenya mirkaneessuu qofaan ilaaluun fudhatamummaa isaa madaaluun sirrii miti. Qixa haqummaa fi mirga namoomaatiiinis madaalamuu qaba.

Haayyotni seerri aadaa tokko akka seera aadaatti fudhatamummaa qabaachuuf amaloota itti aanuun ibsaman qabaachuu akka qabu ni ibsu. Isaanis: (1).

A) Seerri aadaa yeroo dheeraaf kan tajaajilu ta’uu qaba. Seerri aadaa humna seeraa /force of law/ qabaachuuf yeroo dheeraaf hojiirra oolaa kan ture ta’uu qaba kan jedhu dha.

B) Seerri aadaa bakkee hojiirra itti oolutti walfakkaatina qabaachuu qaba. Seerri aadaa akka seera aadaatti kan fudhatamu hanga hawaasa bal’aadhaan fudhatama argatee turutti qofaadha. Seerri aadaa tokko yeroo tokkottti kutaa hawaasaa tokko keessatti bifa adda addaatiin kan hubatamu yoo ta’e sochii hawaasummaa hoogganuu waan hin dandeenyeef hawaasa bal’aadhaan fudhatamummaa dhabuu danda’a.

C) Seerri aadaa ifaa fi qabatamaa ta’uu qaba. Seerri aadaa hawaasa ykn dhaloota itti gargaaramu biratti ifatti kan beekamu ta’uu qaba. Hawaasni beekee haala salphaa ta’een dhimma hawaasummaa isaa kan ittiin hooganu ta’uu qaba. Seerri aadaa ifaa fi qabatamaa hin taane humna ykn hamilee dirqisiisuu hin horatu.

D) Seerri aadaa mirgaa fi dirqama hordofsiisu qabaachuu qaba. Seerri aadaa walitti dhufeenya namoota gidduu jiru kan hoogganu yoo ifatti dirqamaa fi mirga namootaa ifa taasise dha. Dirqamaa fi mirga of keessaatti hammatee hin jiru yoo ta’e walitti dhufeenya hawaasaa hoogganuu ni danda’a hin jechiisiisu. Kanaaf, aadaan tokko fudhatama qabaachuuf hawaasaa biratti akka madda mirgaa fi dirqamaatti ilaalamuu qaba

E) Seerri aadaa sababaawaa ta’uu qaba. Walitti dhufeenyi hawaasa gidduu jiru haqa uumamaa giddu galeessa kan godhate ta’uu qaba. Seerri aadaa sababawaa hin taane taanaan humna dirqisiisuu hin qabaatu, kanaaf akka seeraatti fudhatamuun hojiirra ooluu hin qabu.

F) Seerri aadaa safuu fi safeeffannaa kan eege

ta'uu qaba. Duudhaaleen taateewwan hawaasa keessa jiran ittiin hoogganaman yeroo tokko yoo akka gaariitti kan fudhataman ta'ullee, yeroo biraa immoo gaarii akka hin taaneetti fudhatamuun balaalleffatamuu malu. Kanaaf seerri aadaa tokko akka seera aadaatti fudhatamaa ta'uuf qajeeltoo safuu ykn safeeffannaa uummataatiin hin dhorkamne ta'uu qaba.

**3. Seera Aadaa fi Biyyoota Afrikaa**

Biyyootni Afrikaa hedduun aadaa hiikkaa waldiddaa dabalatee aadaa fi duudhaa gabbataa akka qaban beekamaadha. Ta'us, yeroo sirna gita bittaa biyyoota dhihaa jalatti kufanii fi sana boodas seerota aadaa ofii qabanii fi jaarmayaa aadaa waldhabbii hiikkachuuf itti gargaaramaa turan dhiisuun sirna seeraa gita bittoota isaaniitiin eegalsiifame itti fufsiisaniiru. Haata'u malee, adeemsa keessa sirni seeraa biyyoota lixaa kun biyyoota guddachaa jiran kanneen keessatti akkaataa yaadameen bu'a-qabeessa ta'uu akka hin dandeenye amanamaa dhufeera. Kanarraa ka'uudhaan biyyootni Afrikaa tokko tokko seerota mootummaadhaan tumamaniin qofa otuu hin taane aadaa fi duudhaalee hawaasa keessatti argaman gargaaramuun waldhabbii hiikuun barbaachisaa akka ta'e amanuun seerotaa fi jaarmiyaalee aadaa waldhabbii hiikuuf gargaaraniif beekamtii kennuu eegalanii jiru.

Biyyoota Afrikaa seerri aadaa kun keessatti hojii irra oolaa jiru keessaa tokko Zimbaabuwee dha. Heerri mootummaa Zimbaabuwee haaraan bara 2013 ragga'e sirni aadaa caasaa mootummaa ammayyaa waliin akka hojiirra ooluu danda'u beekkamtii kenneera. Heerichi Mana Murtii Aadaa gurmaa'insa manneen murtii keessaa tokko gochuun hundeesseera. Rippablikiin Afrikaa Kibbaas Manneen Murtii Aadaatiif seeraan beekamtii kan kennite yoo ta'u, bara 1994 irraa eegalee seerri aadaa seera idilee biyyattii waliin walcinaa raawwatiinsa akka qabaatu ta'eera. Maalawwiinis seera haaraa bara 2011 baasteen Mana Murtii Aadaa sadarkaa lama qabu; kan sadarkaa jalqabaa fi kan oliyyataa hundeessitee jirti. Naayijeeriyaa keessatti manneen murtii aadaa heera mootummaa naannoolee bu'uureffatanii hundaa'aniiru. Manneen murtii aadaa biyyoota Afrikaa gara garaa kanneen keessatti hundaa'an muuxannoo walfakkaataa kan qaban yoo ta'uu baatellee, keessattuu manneen murtii aadaa Naayijeeriyaa adeemsa falmii salphaa kan hordofan waan ta'eef lammiilee hedduudhaan kan filatamanii fi fudhatamummaa gaarii kan argatan ta'uu danda'aniiru. (2)

**4. Seera Aadaa fi Haala Biyya Keenyaa**

Biyya keenyattis akkuma biyyoota Afrikaa biroo seera aadaas ta'e jaarmiyaalee aadaa waldhabbii hiikan hedduu kan qabdu akka ta'e ni beekama. Haata'u malee, sirni seera ammayyaa gara biyya keenyaa erga dhufee as seerotnii fi jaarmiyaaleen aadaa waldhabbii hiikan beekamtii dhoowwatamuun hojii irra oolmaan isaaniis laafaa dhufe. Fakkeenyaaf, Seerri Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa bara 1960 A.L.A tti bahe (keewwata 3347) jalatti "seerotni aadaa (customary rules) armaan dura hojii irra oolfamaa turan dhimma seera kana (Seera Hariiroo Hawaasaa) keessatti tumame ilaalchisee seeraan kan haqaman ta'u" jechuun tumeera. Kunis waldhabbiiwwan jaarmiyaalee aadaatiin erga furmaata argatan booda illee gara manneen murtii idilee yeroo dhiyaatan akka dhimma haaraatti akka ilaalaman kan dirqamsiise dha. Kun immoo barbaachisummaa fi fudhatamummaan seera aadaa fi jaarmiyaalee seera aadaa bu'uureffachuun waldhabbii hiikanii gaaffii keessa akka galu taasisaa dhufe jira.

Kun osoo kanaan jiruu, Heerri biyyattii bara 1995 A.L.A tti bahe Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa yookiin Manni Marii Mootummaalee Naannoo Mana Murtii Aadaa akkaataa seera aadaatiin hojjetu hundeessuu yookiin kan dura tureef beekamtii kennuu akka danda'u tume (keewwata 78(5)). Haata'u malee, tumaa kana bu'uureffachuun hanga ammaatti Manni Marii Bakka Bu'oota Uummataa seerri inni baase hin jiru. Sababa kanaaf sadarkaa biyyaatti seeraa fi jaarmiyaalee aadaa waldhabbii hiikaniif beekamtiin kenname jira jechuuf nama hin dandeessisu.

## 5. Seeraa Aadaa fi Haala Naannoo Oromiyaa

Oromoon saba aadaa hiikkaa waldhabbii boonsaa qabuu fi baroota dheeraaf itti fayyadamaa ture dha. Akka falaasama Oromoo ganamaatti waldhabbiin kamuu karaa nagaatiin furamuu kan danda'u dha. Waldhabbii hiikuu keessatti gahee adda duree kan qaban jaarsolii haata'aniyyuu malee kutaaleen hawaasaa hundumtii fi jarmiyaaleen hawaasaa gara garaa gahee bakka hin bu'amne qabu.

Falaasamni hiikkaa waldhabbii Oromoo 'haqa baasuu' jiddu galeessa kan godhate dha. Kunis dhugaa osoo hin baasiin araarsuun qofti fala waaraa hin ta'u amantaa jedhu kan bu'uureffatu dha. Sirni dhugaa baasuus ta'e sirni ittiin murtiin yookiin araarri muramu seera aadaa mataa isaa qaba.

Akkuma saboota biroo biyya kana keessa jiraatanii seerrii fi jaarmiyaaleen Oromoo waldhabbii hiikuuf hojiirra oolaa turan, seerotnii fi jaarmiyaaleen waldhabbii hiikan biyyoota lixaa irraa madaqfaman biyya keenya erga seenan as iddoo dhabaa dhufuun isaanii beekamaa dha. Ta'us, tumaa Heera Mootummaa bara 1995 (A.L.A) bahe keewwata 78(5) bu'uura godhachuun Caffeen Naannoo Oromiyaa akka biyya keenyaatti yeroo jalqabaatiif labsii manneen murtii aadaa hundeessuu fi beekamtii kennuuf dandeessisu (Labsii Lak. 240/2013) raggaasiseera. Dambii fi qajeelfamni Labsicha hojiitti hiikuuf dandeessisus kan bahe yoo ta'u, jalqaba bara 2014 irraa eegalee Manneen Murtii Aadaa naannicha keessatti hundeeffamaa fi hojiitti galaa jiru.

Manneen Murtii Aadaa kunis kan hojii irra oolchan seera aadaati (Lab. 240/2013 keewwata 26). Kunis dhimma mana murtii aadaatti dhiyaate tokkoof seerri aadaa rogummaa qabu seera qaama seera baastuutiin bahuun kan walfaallessu yoo ta'e illee, qaamolee dhimmi isaanii seera aadaatiin akka fala argatu filatanii dhufaniif manni murtii aadaa seera aadaa sana hojiirra oolcha jechuu dha. Kanaaf, seerri qaama seera baastuun bahu seera aadaa irratti olaantummaa hin qabaatu. Manneen murtii idilee murtii mana murtii aadaatiin kenname akkaataa seera idileetiin ilaaluun murticha fooyyessuu yookiin haquu hin danda'an. Kunis, seer-daneessummaa (legal pluralism) kan hayyamu, mirga lammiileen aadaan isaanii akka gabbatuu fi guddataa adeemu qaban kan dhugoomsuu fi seerota aadaa Oromoo waldhabbii hiikuuf gargaaranii fi waggoota hedduuf hacuuccaa jala turaniif akka lammata dhalachuutti kan lakkaa'amuu dha.

Labsii Manneen Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa, Labsii lak. 240/2013 keewwata 26(2) jalatti ulaagaalee seerri aadaa tokko fudhatama qabaachuuf guutuu qaban tarreessee jira. Isaanis: haqa uumaa uumamaa kan hin faallessine; haqummaa namummaa kan kabaju; safuu fi safeeffannaa kan kabaju; amantaan, koornayaan, bifaan, umuriin, miidhaa qaamaatiin, gosaan, ilaalcha siyaasaatiin, qabeenyaan, yookiin sababa birootiin namoota jidduutti loogii kan hin uumne; akkasumas mirgoota namoomaa kamiyyuu kan hin mulqne ta'uu akka qabu tumeera. Kana jechuun manni murtii aadaa seera ulaagaalee kanneen keessaa tokko hin guutne gargaaramuun dhimma dhiyaatuuf ilaaluu hin qabu. Yoo ilaalee argames murtichi bu'uura seera aadaa akka hin qabnetti fudhatamee gatii kan dhabsiifamuu danda'u akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Seerotni aadaa Oromoo yeroo hedduu ulaagaalee kanneen kan guuttatani dha. Kunis adeemsi sirna Gadaa keessatti seerri itti bahu ulaagaa cimaa (stringent) keessa darbee kan gaggeeffamu waan ta'eef carraan seerri aadaa bahu ulaagaa kanneen itti guuttachuu dhabu dhiphaa dha. Hanqinaaleen darbee darbee mul'atan akkuma jiranitti ta'ee, seerri aadaa Oromoo qajeeltoowwan seeraa fi haqaa ija mirgoota namoomaatiinis ta'e kallattii hariiroo hawaasaa cimsuutiin fudhatamummaa olaanaa qabaniin kan gaggeeffamu dha. Keessattuu seerri aadaa Oromoo seera balleessitoota adabuu caala qajeeltoowwan jabana kana keessatti illee agarsiiftuu qaroominaa ta'an kan akka 'qajeeltoo waldanda'uu' (the principle of mutual respect and tolerance) tiif dursa kan kennu dha. (3)

## 6. Fayidaawwan Seeraa fi Jaarmiyaa Aadaa Waldhabbii Hiikaniif Beekamtii Kennuu Irraa Argaman

Seera aadaatiin buluun bu'aawwan hedduu qaba. Isaan kana keessaa inni tokko seeraa aadaatiif beekamtii kennuun "mirgi aadaan ofii akka gabbatuu fi guddataa adeemu" lammiileen qaban akka mirkanaa'u kan taasisu dha. Kana malees, seerrii fi jaarmiyaan aadaa dhugaa baasuu fi haqa argamsiisuurratti bu'a-qabeessa akka ta'e hayyootni hedduun irratti waliigalu. Kunis sababa gara garaatiin ibsamuu danda'a. Inni tokko lammiileen qaama haqaa idilee caalaa safeeffannaa aadaa fi jaarmiyaa aadaatiif ni qabaatu kan jedhu dha. Kanaaf falmii dhugummaa hin qabne taasisuu irraa of qusatu. Kana malees, seerri aadaa sirna kakuu dabalatee sirna aadaa keessatti falmiin ittiin qulqullaa'u cimaa ta'e qaba.

Fayidaan seera aadaatiin buluu inni kan biraa seerri aadaa dhimmootni araaraan (waliigaltee walfalmitootaatiin) akka xumuramu kan dandeessisu ta'uu isaati. Kunis waldhaboota walitti fayyisuun hariiroo gaarii waldhabdee dura ture bakkatti deebisuu kan dandeessisu dha. Kunis nageenyaa fi tasgabbii hawaasaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba. Fayidaan seera aadaa gargaaramuu inni kan biraa dhaqqabummaa haqaa kan mirkaneessu ta'uu dha. Kunis hawaasni baasii tokko malee, saffisaan, adeemsa salphaa fi sirna ofii beekuun akka keessummaa'u kan dandeessisu ta'uu isaati.

## 7. Guduunfaa

Seerri aadaa seera hawaasa keessaa dhalatu dha. Kanaaf, seerri aadaa seera ammayyaa qama mootummaatiin bahu caala haala qabatamaa hawaasaa jiddu-galeessa kan godhatuu fi sababa kanaafis caalaatti bu'a-qabeessa ta'uu danda'u dha. Kanaaf seerota aadaa fi jaarmiyaalee aadaa seerota aadaa bu'uureffatanii waldhabbii hiikaniif hojiin jaarmiyaalee kanneen hundeessuu fi beekamtii kennuu akkasumas hojiitti akka galan taasisuuf sochiin akka naannoo keenyaatti taasifamaa jiru cimee itti fufuu qaba. Jaarmiyaaleen kunneen haala bu'a-qabeessa ta'een deeggaramuu yoo danda'an, yeroo dheeraa keessatti rakkoo sirni seeraa fi haqaa keenya keessa jiruuf qofa osoo hin taane rakkoo hawaasummaa fi siyaas-diinagdee biyyii fi naannoon keenya keessa jiran furuu keessatti illee shoora bakka hin bu'amne taphachuu kan danda'an ta'u.

**Maddawwan**:


(1) Customary Law In India: Jurisprudential And Legal Aspects, page 89 https://shodhganga.inflibnet.ac.in/bitstream/10603/74298/9/09_chapter%203.pd; Qorannoo Hundeeffama Mana Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa, Azzanee Indaalammaa fi Abdii Tasfaa (ILQSO), 2012: 25-28 keessatti kan caqafame.

(2) Qorannoo Hundeeffama Mana Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa, Azzanee Indaalammaa fi Abdii Tasfaa (ILQSO), 2012:30-39.

(3) Afendi Mutaki, Boranaa fi Baarentuu, 2013: 129-134

# Teessoo


Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa-

Supreme Court of Oromia

+2511 111 234 4432/0911 523 332

www.oromiacourt.org

t.me/MMWO2020